

BARNOOTA
SAAYINSII NAANNOO

QAJEELCHA BARSIIISAA

KUTAA 1

Seensa

Qajeelchibarsiisaa kun kanqophaa'eSiilabasiiBarnootaSaayinsiiNaannookutaa 1ffaa kan Biiron Barnootaa Oromiyaa qopheesse irratti bu'uureffachuudha. Haalli inni itti qophaa'e adeemsa baruu-barsiisuu barnootichaa kan kitaaba barataa irra jiru fiixaan ba'iinsa isaa mirkaneeffachuudha.

Adeemsa baruu-barsiisuu qabiyyeewwan boqonnaa jalatti tarreeffaman ilaalchisee barsiisaan / ttuun barannoo bu'aa qabeessa gochuuf haala qabatamaa naannoo jireenya barataatiin walqabsiisuun akka danda'amutti kan qophaa'eedha.

Qajeelchi barsiisaa barnoota saayinsii naannoo kutaa 1^{ffaa} kun boqonnaawwan afur of keessatti qabata. Isaaniis: Boqonnaa 1^{ffaa}: OfiiKeenya ,Boqonnaa 2^{ffaa}: Maatii Keenya, Boqonnaa 3^{ffaa}: Mana Barnootaa Keenya fi Boqonnaa 4^{ffaa}: Ganda Keenya kan jedhu fa'a.

Qabiyyeewwan boqonnaawwanii isaan gurguddoon jalatti haallan gocha baruu – barsiisuu bsamaniiru. Isaaniis: kanneen akka bu'aawwan boqonnichaa, qabxiiwwan boqonnichaa, gahumsa barachuu isa xiqqaa, qophii duraa, maloota baruu – barsiisuu fi madaallii fa'a of keessatti hammata.

Gochaawwan adeemsabaruu-barsiisuu qajeelcha barsiisaa kana keessatti ibsaman kaayyoo baruu-barsiisuu galmaan ga'uuf kallattii kan namatti agarsiisaniidha. Haata'umalee, galma ga'iinsi kaayyoo barnootaa irra caalaatti akka dhugoomu mirkaneeffachuuf, barsiisaan / ttuun meeshaale yookiin moodeloota adda addaa haala qabatamaa naannoo keessa jiraniin qopheessuun barannoo dhiheessuudha.

Qabiyyeewwan barnootaa mata-duree adda addaatiif qophii gahaa ta'e gochuun maloota baruu-barsiisuu bu'aa qabeessa ta'an fayyadamuun dandeettii barattootaa adda baasuun sadarkaa gahumsa barachuu isa xiqqaa mirkaneeffachuudha.

**BARNOOTA SAAYINSII
NAANNOO
QAJEELCHA BARSIIISAA**

KUTAA 1

Qopheessitonni:

GiruumBazzaabbih

MasfinHaayilee

Gulaaltonni:

Nagaasaa Hundee

Tafarii Qanaatee

Madaaltonni:

Birhaanuu Lataa

Fiixaa Illaansoo

Habiib Galgaluu

Kabbadaa Likkaasaa

BiirooBarnootaOromiyaa (BBO)

Bara 2004

Finfinnee

© Biiroo Barnoota Oromiyaa

Jalqaba bara, 2004/2012 maxxanfame

BAAFATA

QABIYYEE	FUULA
Seensa.....	I
BOQONNAA TOKKO: QAAMA KEENYA.....	1
1.1 Qaamolee Ala Nafa Keenyaa.....	2
1.2 Qaamolee Miiraa Namaa Shanan.....	6
1.3 Wantoota Bu’uuraa Jireenya Ilmaan Namaa.....	13
1.4 Dhukkuboota Beekamoo Nama Miidhan.....	16
BOQONNAA LAMA: MAATII	19
2.1 Miseensota Maatii.....	20
2.2 Fedhii Bu’uura Jireenya Maatii.....	23
2.3 Meeshaalee Mana Keessaa.....	27
BOQONNAA SADI: MANA BARNOOTAA KEENYA.....	34
3.1 Moora Mana Barnootaa keenya.....	36
3.2 Dambiiwwanii fi Qajeelfamoota Kabajuu.....	40
3.3 Hariiroo Gaarii Waliin Qabaachuu.....	42
3.4 Nageenya Karaa irraa.....	43
3.5 Gochawwan Mana Barumsaa Keenya Keessatti	44
Raawwachuu Dandeenyu	
BOQONNAA AFUR: GANDA KEENYA.....	46
4.1 Argama Ganda Keenyaa.....	47

4.2	Wantootaa Lubbu-Maleeyyii Naannoo Keenyaa.....	49
4.3	Lubbu-Qabeeyyii Naannoo Keenyaa.....	51
4.4	Dalagaawwan Beekamoo Naannoo Keenyatti Dalagaman.....	56
4.5.	Haala Geejjiba Naannoo Keenyaa.....	57

BOQONNAA TOKKO

QAAMA KEENYA (Wayitii: 57)

Bu'aawwan Boqonnichaa

Barattonni dhuma barnoota boqonnaa kanaatti:

- Maqaa qaamolee ala nafa isaanii waamuun ni agarsiisu.
- Dalagaa tokko tokkoo qaamolee ala nafa isaanii ni himu.
- Qaamole miiraa isaanii walitti agarsiisuun addaan ni baasu.
- Dalagaa qaamolee miiraa ni ibsu.
- Wantoota jireenya namaaf bu'uraa ta'an sadan ni tarreessu.
- Dalagaa wantoota bu'ura dhala namaa sadan ni tarreessu.
- Qulqullina qaamolee nafa isaanii ni eeggatu.
- Dhukkuboota beekamoo naannoo isaanii ni himu.
- Maloota ittiin dhukkuboonna beekamoon ittisaman ni himu.
- Maddoota ifaa, sagalee, halluu, dhandhama fi foolii addaan ni baasu.
- Ogummota qo'annoo saayinsaawaa kanneen akka ilaalun hubachuu, gaafachuu, waliin mari'achuu, waliin hojjechuu ni shaakalu.

Qabiyyeewwan fi Wayitii Ramadameef

QabiyyeeBaay'ina Wayitii

1.1 Qaamolee ala nafa keenyaa	10
1.2 Qaamolee miiraa shanan.....	28
1.3 Wantoota bu'uuraa jireenya ilmaan namaa	8
1.4 Dhukuboota beekamoo nama miidhan	11
Ida'ama.....	57

Qabxiwwan Ijoo Boqonnaa Kanaa

Qaamoleen ala nafa namaa mataa, rifeensa, gurra, ija, funyaan, afaan, harka, quba, qoma, garaa, miila, jilba, faanaa fi mudhii of keessatti haammata. Qaamoleen ala nafa kunniin dalagaawwan adda addaa qabu. Fakkeenyaaf harki waa ittiin qabuuf, darbachuuf, barreessuuf fi arrabni dhandhama wantootaa adda baasuuf fa'i. Qulqullina qaamolee ala nafa keenyaa eeggachuun barbaachisaadha. Qaamoleen miiraa ilmaan namaa shan. Isaanis waa'ee naannoo keenyaa adda akka baafnuuf nu gargaaru. Nyaanni, uffanni fi dawoon (manni) wantoota bu'uura jireenya ilmaan namaati. Dhukkuboonni beekamoon nama miidhan baay'inaan mul'atan qufaa, garaa-kaasaa, maagaa, busaafi fa'a. Isaanis maloota ittisaa ofii isaanii ni qabu.

1.1 Qaamolee Ala Nafa Keenyaa (Wayitii:10)

Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattonni dhuma mata duree kanaa irraatti:

- Maqaa qaamolee ala nafa isaanii ni himu.
- Qaamolee ala nafa isaanii ni agarsiisu.
- Dalagaawwan/faayidaa qaamolee ala nafa isaani muraasaa ni himu.
- Qaamolee ala nafa isaaniif eeggannoo ni taasisu.

Qophii Duraa

- ✓ Mata-duree kana barsiisuuf moodeeloota, chaartii fi fakkiwwanala nafa namaa agarsiisan qopheeffadhaa.

Mala Baruu-Barsiisuu

Dursa maqaa qaamolee nafa isaani akka himaan taasisaa. Itti aansuun qaamoolee ala nafa namaa maal fa'a akka ta'n ibsaafii. Qaamooleen ala nafa mataa, adda, funyaan, gurra, garaa, morma, miila, quba, fakkii kitaaba barataa irra jiru ilaaluun akka hubatan gargaaraa.

Itti aansuun barataa tokko kaasuun fuulduraatti baasaatii yeroo inni qaamolee ala nafa isaa keessaa tokko qabee kuni maali jedhu, barattootni kaan ammoo dabaree dabareen sagalee ol-kaasuun maqaa qaamolee alaa agarsiifame akka himantaasisaa.

Dabalataan fakkii yookiin moodeela qaamolee ala nafa namaa agarsiisutti fayyadamuun barattonni tokko tokkoon ka'uun akka agarsiisan haala mijeessaa.

Faayidaa Qaamolee Ala Nafa Keenyaa

Qophii duraa

- ✓ Mata-duree kana barsiisuuf waa'ee haala jireenya naannoo sanaa beekuuf naannoo keessa deemuun daawwachuun haala naannoo hubadhaa.
- ✓ Fakkii hojiwwan/raawwii naannoo isaaniitti agarsiisuu qopheessaa, fkn. Bishaan waraabuu, baachuu, qoraan cabsuu, kubbaa taphachuu fa'a.

Mala Baruu Barsiisuu

Hubannoo waa'ee qaamolee ala nafa namaa armaan olitti argatan waliin wal-qabsiisuun gaaffiilee kanaan gadii gaafachuun eegalaa.

- Dabtaraa fi kitaaba keessan maalkeessaniin baattuu?
- Mana keessanii hamma mana barumsaatti kan dhuftan qaama ala keessan kam fayyadamtanitu?
- Qaama keessan keessaa qubeessaan barreessuuf kan isiin gargaaru himaa.

Barattonni gaaffii kanneeniif deebii kennuu erga yaalanii booda dalagaawwan qaamolee ala nafa namaa yoo jennu tajaajila kutaan qaamolee alaa nafa keenyaa nu kennanu jechuu akka ta'ee fi kanneen armaan gadii hubachiisaa.

Fkn. **Faayidaan miilaa**: bakka bakkaa ittiin socha'uuf, ittiin ijaajjuuf, kubbaa ittiin taphachuuf, ispoortii ittiin hojechuuf fa'a. Faayidaa miilaa kana cimsuuf gilgaala kitaaba barataa irra jirutti fayyadamaa.

Faayidaa harkaa: ittiin barreessuuf, ittiin nyaachuuf, ittiin qabuuf, ittiin harkisuuf fa'a jechuun fakkii kitaaba barataa irratti jiruun fayyadamaa.

Faayidaa Morma: qaamolee isaa ol jiru utubee qabuuf, ofirra garagalee ilaaluuf fa'a. Waa'ee faayidaa afaanii, ijaa, gurraa fi funyaani haala armaan oliin

gabaabsaatii qayyabachiisaa.Kanaraawwachuuf fakkii kitaaba barataa irra jiruun gargaaramaa.

Eegumsa Qaamolee Ala Nafaaf Taasifamu

Gaaffii “Fayyaa qaamolee ala keenya yoo eeguu baanne maal taana?” gaaffii jedhu gaafachuun jalqabaa.

Deebii barattoonni gaaffii olitti ka’eef kennan irraa ka’uun gara-mana barumsaa dhufuuf, sirriitti barachuuf, taphachuu fi hojii barbaadame hojjechuuf qaamoleen ala nafa keenyaa fayyaa akka qabaataniifi fayyaa ta’uuf ammoo qulqullinni isaanii sirriitti eegamuuakka qabu hubachiisaa.

Qaamoleen nafa keenynaa hundi qulqullinni isaanii yoo eeggamuu baate dhukkuboota adda addaatiif saaxilamuu akka danda’aan itti himaa.

Fakkiiwwan kitaaba barataa irra jiran fayyadamuun akkaataa qulqullina isaanii itti eeggatan yaada isaanii akka kennan jajjabeessuun ibsa dabalataa kennaaffii.

Kanuma wajjiin wal-qabsiisuun, ganama hirribaa yoo kaanu xuriin nafa keenyaa keessaa bahu, cimmaa ijaa, fuynaana keenya fa’a keessatti waan kuufamee jruuf, waan kana qulqulleessuuf fuula keenya dhiqachuun, ilkaan keenya rigachuu, fi gurra keenya huccuu qulqulluun qulqulleessuu akka qabnu itti himaa.

Dabalataanis dhukkee/awwaara keessa yoo taphatan harka isaanitiin ija isaani tuxxuquun dhibee ijaa itti fiduu akka danda’u hubachiisaa.

Barattootni qaama nafa isaanii kamiyyuu irratti dhukubni yoo itti dhaga’aame, atattamaan maatii, barsiisaa, obbooleeyyan ykn nama dhihoo isaanitti argamutti himuun ykn agarsiisuun akka irra jiruu fi mana yaalaa dhaquun yaalamuun akka qabanitti himaa.

Rifeensa yeroo yerootti dhiqachuun, qeensa qorachuun fi qaama keenya yeroo yerrootti dhiqachuun qulqullina qaamolee ala nafa keenyaa eegu keessatti ga'e guddaa akka qabu ibsaafii.


Wantoota/meeshaalee qulqullina dhuunfaa eeguuf barbaachisan yoo fayyadaman kan isaanii ta'uu sirritti qalbeefachuu akka qaban qayyabachiisaa. Fkn rigaa, haaddu, lilmoo fa'akan nama biraa akka hin fayyadamne sababa waliin ibsaafii.

Barannoo kana cimsuuf, barattooni bifa ga'e taphachuun kanneen armaan gadi akka raawwatan godhaa.

- Tariiba fuula dhiqachuu, ilkaan rigachuu, qeensa qorachuu, rifeensa dhiqachuu,
- Harka saamunaan/daaraan dhiqachuu,
- Qaama isaani guutuu akka itti dhiqatanii fi
- Rigaa fayadamuun ilkaan isaaniikka itti rigatan fa'a shaakalsiisaa.

Madaallii

- Ga'umsa xiqqaa barattootni argachuu qaban gochoota garaagaraa qopheessuu fi hojiisaanii yeroo yeroottin madaaluun galmeeffachaa deemaa. Dabalataan, tartiiba ga'e taphachuun armaan olitti raawwatan akka irra deebi'anishaakalan gochuun;
- Qaamolee ala nafaa isaani ykn kan hiriyyaa akka himan taasisuun hubannoo isaani ilaaluun;
- Fakkii kitaaba barataa irra jiru ykn kan qophaa'e agarsiisuun qaama/qaamolee ala nafaa akka himan gochuun madaaluun hubannoo isaanii mirkaneeffadhaa.



1.2 Qaamolee Miiraa Namaa Shanani (Wayitii: 28)

Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Dhuma mata-duree kanaa irratti barattooni:

- Maqaa qaamoolee miiraa shanan ni himu.
- Dalagaa qaamoolee miiraa ni ibsu.
- Maddoota ifaa beekamoo ni himu.
- Halluwwan addaan ni baafatu.
- Maddoota sagaleewwan beekamoo addaan ni baasu.
- Dhamdhama wantoota beekamoo ni ibsu.
- Miira dhandhamaa fayyadamuun wantoota walitti dhufeenya qaban ni himu.
- Wantoota urgaa gaarii qabani fi hin qabne addaan ni baasu.
- Miira fuunfachuutiin fayyadamuun wantoota walitti dhufeenya qaban ni himu.
- Wantoota jajjaboo ykn lallaafaa fi qorraa ykn hoo'aa tuttuquun addaan ni baasu.

Qophii Duraa

- ✓ Waa'ee qaamolee miiraa kitaabootaa fi madda odeeffannoo adda addaa kan akka intarneetii fa'a dubbisuun of qopheessaa.
- ✓ Moodeela ykn fakkii qaamolee miiraa agarsiisan qopheeffadhaa.
- ✓ Wantoota akka dhagaa, kitaaba, boronqii, sarartuu, kaardoota ykn wantoota halluu adda addaa qaban qopheeffadhaa.
- ✓ Wantoota maddoota ifaa naannotti argaman qopheeffadhaa.

- ✓ Meeshaalee muuziqaa adda addaa kan akka ximboo (maasiinqoo), dibbee, ulullee fa'a qopheeffadhaa.
- ✓ Sagalee beeyladoo adda adda waraabame qopheeffadhaa.
- ✓ Wantoota beekamoo foolii isaanii adda baasuu danda'aamu kan akka loonii, burtukaana, qullubbii adii fa'a qopheeffadhaa. Huccuu/waraqaa kanneena armaan olii maruuf/haguuguuf fayyadu qopheessaa.
- ✓ Wantoota nyaatamanii if dhamdhama adda addaa qaban qopheeffadhaa.
- ✓ Sibiila, muka, jirbii, hucuu adda addaa, dhagaa fa'a qaqqabuudhaan lallaafina ykn quqquuqina isaanii himuu danda'an qopheeffadhaa. Bishaan hoo'e fi qabbanaa'aa qopheeffadhaa

Mala Baru-Barsiisuu

Barnoota darbe keessatti dimshaashumatti qaamolee ala nafa namaa barataniif waan jiraniif, isaan keessaa kamtu qaamolee miira akka ta'an adda akka baasan gaafadhaa. Faaruun qaamolee miiraa yoo jiraate yookin qophaaffachuun faarfachiisaa. Fakkeenyaaf: Hibboo dhaan

1. Ujummoo qaawwa lamaa.
2. Godoo gaara jalaa.
3. Qoorbii quba shanii.
4. Barbadaa balbalasaa dhagaa adiiin cufatu.
5. Gomjii tokko irra waakkoo gamaa gamaan taa'e.

Hibboo funyaan, ija, harka, arrabaa fi gurra wajjin wal-qabatan haala naannoo isaanitiin akka taphatan qajeelchaa ofiikeessaniis kana qopheesatii deebiisaa akka himan taasisaa.

Qaamoleen miiraa kutaa qaama keenya keessaa kanneen wantoota naannoo keenyaa ittiin hubachuu fi beekuuf nugargaaraniidha.

Qaamoleen miiraa namaa shan (5). Isaanis:

- | | | |
|-----------------|-------------------|-------------------------|
| 1. <i>Ija</i> | 3. <i>Funyaan</i> | 5. <i>Harka (gogaa)</i> |
| 2. <i>Gurra</i> | 4. <i>Arraba</i> | |

Qaamoleen miiraa gurri, iji, funyaan fi arrabni morma keenyaa olitti yoo argaman, gogaan immoo nafa keenya hunda uwwisee/aguugee argama.

Waa'ee bakka argama qaamolee miira namaa barataa tokko fuulduraatti baasuunyookaan fakkii qopheeffatanfayyadamuunbakka itti argama isaanii akka walitti himan gargaaraa. Itti aansuun barattonni tokko tokkoon fuulduratti bahuun qaamolee miiraa isaanii agarsiisuun maqaa isaanii akka waamanii fi walitti himan taasisaa.

Ija

Gaaffii kitaaba barataa irra jiruun eegalaa. “Faayyidaa ijaa irratti mari’achuun himaa”. Dabalataanis kan armaan gadii raawwadhaa.

1. Wantoota daree keessa jiran akka himan taasisaa.
2. Dareen isaaniyoo dukkanaa’e wantoota daree keessa jiru arguu akka danda’anii fi hindandeenye gaafadhaa. Yoo ibsaan ibsame jijjiiramni jiraa?
3. Arguuf iji fi ifti barbaachisaa akka ta’an hubachiisaa.
4. Galgala mana isaanii keessatti waan tokko arguuf ifa eessa irraa akka argatan gaafachuun maddoota ifaa ibsaafii.

Kanaan booda maddoota ifaa fakkiwwan kitaaba barataa irratti argaman akka ilaalanii hubatan akkasumas ifa malee wanttoota arguun akka hin danda’amne hubachiisaa.

Dandeettii ilaalanii hubachuu isaanii gabbisuuf, halluu wantoota naannoo isaaniitti argaman akka adda baafatan fakkeenya garaagaraa fudhachuun ibsaafii. Fkn halluu baalaa, daraaraa, uffataa fi kkf.

Dabalataan hammaa fi boca wantootaa akka hubatan fkn garagaraa fudhachuun ibsaafii. Fkn: dhagaa guddaa fi xiqqaa, sanyii firii xiqqaa fi guddaa, kaardiiwwan roga adda addaa qaban kan akka rog-sadee, rog-arfee fi kkf.

Sadarkaa kanatti ilaaluudhaan qofa akka adda baasan malee maqaan akka hin taane ofeegannoo taasisaa.

Fkn: Kun roga meeqa qabaa? Roga sadii, roga afur... jechuun akka deebisuu danda'an haala mijeessaa.

Of eeggannoo barattootni ija isaaniif taasisuu qaban:

1. Ifa cimaa kan akka aduu ijaan ilaaluun ija akka miidhu,
2. Ifa aduu keessatti dubbisuun akka irra hin jirre,
3. Ifa aduu keessatti daawwitii ilaalu dhiisuu,
4. Wantoota qara qabani fi kan kana fakkaataniin ija isaani tuquu dhiisuu akka qaban hubachiisaa.

Gudunfaa

Iji qaama miiraa wantoota naannoo keenyatti argaman ilaaluun addaan baasuuf gargaaruudha. Ilaaluuf ijaa fi ifti jiraachuun barbaachisaa dha. Ijji keenya jiraachuu baannaan ykn dhibamnaa arguun waan hin dandeenyeef ija keenyaaf of-eeggannoo barbaachisaa ta'e gochuu qabna.

Gurra

Barattonni faaruu kitaaba barataa irra jiru akka irra deddeebi'ani faarfatan taasisuun waan irraa hubatan gaaffachuun eegalaa.

Gurri dhaga'uuf akka gargaaruu fi gurri namaa lama akka ta'e hubachiisaa. Kana hubachiisuuf barattonni gurra isaanii akka qabatan gochuun barataan tokko ammoo fuulduratti ba'ee akka waa dubbatu taasisuun maal akka dhaga'an gaafadhaa. Yeroo kanas sagalee dubbatame dhaga'uu isaanii gaafachuun mirkaneeffadhaa.

Faayidaa sagalee muraasa itti himaa. Ergaa dabarsuuf (haasa'uuf), birmannaa gaafachuuf fa'a. Sagalee dhagahuuf gurri keenya fayyaa ta'uu qabachuu isaa fi fayyummaa isaa eeguuf

- Waan qara qabaniin gurra hooqqachuu dhiisuu
- Qulqullina gurra keenyaa eeguun akka barbaachisu hubachiisaa.

Guduunfaa

Gurri qaama miiraa dhaga'uuf tajaajiluudha. Wanti gurraan dhageenyu sagalee jedhamaa. Sagalee dhaga'uuf gurri keenya fayyaa ta'u qaba. Kanaaf fayyaa gurra keenyaa eegachuun barbaachisaa dha.

Funyaan

Barnoota kana gaaffilee kitaaba barataa irra jiraniin eegalaa. Itti dabalun barattootni wantoota foolii gaari qaban maalfaa akka ta'an akka himan taasisaa. Kan foolii gadhee (ajaa'aa) qabanis akka himan taasisaa. Itti aansuun kanneen urga'aanii fi ajaa'an maaliin akka adda baasan akka himan gaafadhaa.

Funyaan qaama miiraa keessaa isa tokko ta'uufi foolii wantootni naannoo keenyaa qaban ittiin hubachuuf kan gargaaru ta'uu isaa hubachiisaa.

Guduunfaa

Funyaan keenyaan waa fuunfachuun foolii isaa barra. Wanta tokko xiraa'uu, urgaa'uu ykn maalummaa wanta tokko baruuf itti gargaaramna. Wantoota hunda fuunfachuun dhukkuboota garaagaraa fi balaa adda addaaf nama saaxiluu danda'a. Fakkeenyaaf: Wantoota tortorani fi kanneen akka fincaanii yoo fuunfanne qufaa (utaalloo) nama qabsiisu akka danda'u hubachiisuun barbaachisaa dha.

Arraba

Dhandhama wantoota naannootti argaman akka adda baafannuuf, shonkoora, loonii, eebicha, muuzii, ashaboo, shukaara, burtukaana, bishaan fa'a duraan qopheessitan gara dareetti fiduun barnooticha eegalaa.

Dhandhama wantoota akka shukkaaraa, burtukaanaa, ashaboo fi eebichaa akka himan gaafadhaa. Dhandhama kana maaliin akka adda baasaan gaafachuun arraba keenyaan jedhanii deebisuu isaanii mirkaneeefadhaa. Arrabni qaama miiraa kan dhandhama wantoota ittiin adda baafnuu ta'uu

isaahubachiisaa.Dhandhamniwantootaa mi'aawaa, hadhaawaa, kuraawaa, yookiin dhangaggaa'aa ta'uu isaanii hubachiisaa.

Harka(Gogaa)

Mata-duree kana barsiisuuf, kan armaan gadiitiin eegalaa.Akka barattotni wantoota naannoo isaaniitti argaman xuquun, keessaayyuu dhagaa fi jirbii isa kamtu akka quqquuquu, kamtu akka lallaafu akka adda baafatan gargaaraa. Wantoota akkasii fi kan biroo daree keessaa argattutti gargaaramuun caalatti akka hubatan taasisaa.

Guduunfaa

Harki (Gogaan) miira tuxxuquuti. Wantoota tuxxuquun jajjabaataa ykn lallaafaa, hoo'aa ykn qorraa,... ta'uu isaanii adda baasuuf gargaara.

Madaallii

- Wantoota adda addaa kan akka boronqii, haxooftuu, dhagaa, kitaaba, sarartuu, qubeessaa fi kkf daree keessatti walatti qabuun barattonni akka addaan baasan gochuun madaalaa.
- Kaardoota/wantoota halluu adda addaa qaban walitti qabuun halluu isaaniiin akka adda baasan taasisuun madaalaa.
- Gaaffile kitaaba barataa irratti kennaman akka deebisan gochuun madaalaa.
- Barattoota keessa haala fedhii fi dandeettiisaaniitiin sagaleebineeldoota adda addaa (Fkn. Saree, harree, shimbirroo, adurree, hoolaa, sa'aa fa'a) akka dhageessisu taasisuun madaalaa.
- Loomii fi burtuukaana waraqaan/huccuu haphiin haguuguun (maruun) fuunfachuun akka adda baasatan taasisuun madaalaa.
- Barattootni dhandhama wantoota (mi'aawaa, hadhaawaa, kuraawaa fi dhangaggaawaa) addaan baafachuu isaanii madaalaa.
- Barattoonni wantoota naannoo isaaniitti argaman qaqqabuun lallaafoo fi quqquuqoo, hoo'aa fi qorraa ta'uu isaanii addaan baafachuu isaanii madaalaa.

- Gaaffii kitaaba barataa irratti argamu sagalee dhaga'uun sagalee maalii akka ta'e adda baasuu danda'uu isaanii madaaluun hubannaa isaanii mirkanneeffadhaa.

Deebii Gilgaalaa 1.2

Deebii sirrii ta'e kenni.

1. Shan2. Dhandhamuun 3. Gurraa fi Ija 4.
 - Burtukaana – arraba, ija
 - Sagalee adurree – gurra
 - Dhagaa – harka, ija
 - Muuzii – arraba, ija

1.3 Wantoota Bu'uuraa Jireenya Ilmaan Namaa (Wayitii: 8)

Gahumsa Barachuu isa Xiqqaa

Mata-dureen kun erga xumurameen booda barattonni:

- Wantoota bu'uura jireenyaa ilmaan namaa sadan ni tarreessu.
- Faayidaa nyaataa, uffataa fi manaa ni himu.
- Maddoota nyaataa muraasa ni tarreessu.
- Wantoota uffanni irraa tolfamu ni himu.
- Wantoota ijaarsa manaatiif barbaachisan ni tarreessu.

Qophii Duraa

- ✓ Kitaaboota adda addaa waa'ee wantoota bu'uura jireenya ibsan dubbisuun of qophaassaa.
- ✓ Fakkii nyaata adda addaa naannoo keesanitti argaman qopheeffadhaa.
- ✓ Fakkii/chaartii wantoota bu'uura sadan qayyabachiisuuf gargaaru qopheeffadhaa.

- ✓ Eddattoo yookaan fakkii wantoota uffata tolchuuf oolan (Fkn. Jirbii, harrii, gogaa loonii) fa'a qopheeffadhaa.
- ✓ Eddattoo yookaan fakkii wantoota ijaarsa manaatiif gargaaran kan akka mukaa, citaa, qorqorroo, suphee, mismaara, hidda, cirachaa fa'a qopheeffadhaa.
- ✓ Moodeeloota, fakkii mana citaa fi qorqorroo qopheeffadhaa.
- ✓ Daawwannaa dirreef haala mijeessaa.

Mala Baruu-Barsiisuu

Barbaachisummaa/Faayidaa wantoota bu'uura jireenyaa

Mata-duree kana fakkiwwan kitaaba barataa irratti argamu barattonni gareen ta'uun akka irratti marii'atan taasisuun eegalaa. Itti aansuun, yaada isaaniirratti hundaa'uun gaaffii "Ilmi namaa jiraachuuf wantootni bu'uraa isa barbaachisu maal fa'i" jedhu kaasuun bal'inaan yaada isaani akka kennan ykn marii gaggeessan taasisaa.

Nyaanni, uffatnii fi dawoon (manni) wantoota bu'uuraa jireenya ilmaan namaa ta'uu isaanihaala armaan gadiitiin tokko tokkoon kaasuun akka hubatan taasisaa.

A. Nyaata

Fakkii kitaaba barataa irra jiru akka ilaalan erga gootanii booda, gaaffilee armaan gadii gaafadhaa.

- Nyaata fakkiiirratti mul'atan keessaa kan isin nyaattanii beektan ni jiraa? Yoo jiraate maqaa himaa.
- Nyaanni maaliif gargaaraa?
- Nyaata yoo hin nyaanne maal taatu?

Deebii gaaffileef isaan kennan irraa ka'uun namni jiraachuuf nyaataakka isa barbaachisu hubachiisaa. Fakkii kitaaba barataa irratti argamuun fayyadamuun, nyaanni guddina qaama keenyaaf akka fayyadu, nyaanni jabeenya qaamaatiif akka gargaaru, fi nyaanni qaama keenyaaf hoo'a fi anniisaa akka kennu fakkeenya waliin bal'inaan ibsaafii.

Dabalataanis nyaatni qaama keenya dhukkubaa irraa ittisuuf akka gargaaru fakkii kitaaba barataa irra jiru gargaaramuun qayyabachiisaa.

Nyaata gahaa nyaachuu yoo baanne, qaamni keenya hamma guddachuu qabu hin guddatu, anniisaa fi hoo'a barbaachisoo ta'an hin argatu, dhukkuboota garaagaraafis saaxilamuu akka dandeenyu hubachiisaa.

B. Uffata

Uffata maaliif akka uffatan gaafachuun eegalaa. Deebii isaanii irraa ka'uun, uffanni aduu, qorraa fi bokkaa akka nafa keenya irraa dhorkuuf akka gargaaru hubachiisaa. Kana malees, nafa keenya uwwisuu fi miidhagina qaama keenyaaf laachuu isaa qayyabachiisaa.

Uffanni barattootni uffatanii jiran maalirraa akka tolfaman gaafachuun yaada akka kennan jajjabeessaa. Uffanni jirbii, gogaa loonii, suufii, naayloonii fa'a irraa akka tolfamu fakkii kitaaba barataa irra jiru wajjin walqabsiisuun ibsaafii.

Uffata yeroo qorraa, hoo'aa fi roobaa uffataman irratti akka mari'atanii taasisuu fi yaada marii isaanii akka armaan gadiitti gudunfaa.

Uffanni uffannu haala qilleensaa irratti hundaa'uun garaagara ta'a. **Yeroo hoo'aa** uffata salphaa fi haphii ta'e fayyadamna. Fkn: tiishartii, shamizii, jaapponii fa'a. **Yeroo qorraa** uffata furdaa uffachuu qabna. Fkn: Shurraabii, kootii, kaabbortaa, gaabii, foomaa fa'a. **Yeroo roobaa** immoo uffannaa roobaa uffachuu qabna.

C. Mana(Dawoo)

Faayidaan manaa maal akka ta'e yaada isaanii gaafachuun jalqabaa.Fakkii kitaaba barataa irra jiru itti agarsiisuun yaada isaanii akka ibsachuu danda'an gargaaraa.Manni aduu, qorra, bokkaa, bubbee fi bineensota balaa nama irra geessisan ittisuuf akka gargaaru yaada guduunfaa kennaafii.

Manni isaanii fi manneennaannoo isaanitti argaman wantoota isaanirraa ijaaraman akka himan jajjabeessaa.Manni muka, citaa, qorqoorroo, suphee, cirracha, mismaara, hidda, simmintoo, xuubii fa'a irraa ijaaramuu akka danda'u hubannoo kennaafii.

Madaallii

- Galma ga'insa barachuu isa xiqqaa hubachuuf gaaffilee kitaaba barataa irra jiran shaakalsiisuu fi gaaffii afaaniitiin madaalaa. Barattoota keessan yeroo yerootti hojii isaanii madaaluun galmeeffachaa deemaa.Barattoota keessan haala jijjiirama qalbii fidanirratti hundaa'uun kanneen barnoota dabalataa barbaadanii fi kanneen qabaa addaa barbaadaniif ammoo haala barbaachisaa ta'een hordoffii fi hojii isaan gita jettanii yaaddan kennaafii.
- Faayidaan nyaataa maal akka ta'e akka himan gaafachuun hubannoo isaanii madaalaa.
- Barattootni faayidaa uffataa fi wantoota uffanni irraa hijjetamu akka himan gaafachuun madaalaa.
- Faayidaa manaa fi wantoota manni irraa ijaaramu akka himan gaafachuun madaaluun mirkaneeffadhaa.

Deebii Gilaala 1.3

Deebii sirrii kenni

1. Uffata, dawoo/manaa fi nyaata
2. Jirbii, gogaa, haarrii, naayilonii ...
3. Muka, xuubii, dhagaa, suphee, citaa,
4. Aduu, qorra, rooba nama irraa ittisuuf. Akkasumas miidhaginaaf gargaara.

5. Bineensoota balaa nama irraan gahan, rooba, qorra, aduu, bubbee nama irraa ittisuuf gargaara.

1.4 Dhukuboota Beekamoo Nama Miidhan (Wayitii 11)

Gahumsa Barachuu isa Xiqqaa

Mata duree kana erga barataniin booda barattonni:

- Maqaa dhukuboota beekamoo naannoo isaanitti nama miidhan ni himu
- Maloota dhukkuba of irraa ittisuuf gargaaran ni ibsu

Qophii Duraa

- ✓ Waa'ee dhukuboota beekamoo nama miidhan kan kitaaba barataa keessa jirani fi kan biroo naannoo isaanitti argaman irratti hubannoo gahaa qabaachuuf barreeffama addaa dubbisuu fi oggeessa fayyaa waliin mari'achuun qophii taasisaa.
- ✓ Fakkii namoota dhukuba adda addaatiin qabaman qopheeffadhaa.

Mala Baruu-Barsiisuu

Mata-duree kana yaada “Dhukuboota yeroo baayyee naannoo keessanitti nama qaban himaa” jedhuun jalqabaa. Deebii isaanii iraa ka'uun, qufaa, maagaa, busaa, garaa kaasaa fa'a dhukkuboota nama miidhan akka ta'an hubachiisaa. Akkasumas AIDS'n dhukuba naannoo keenyatti argamuu fi miidhaa guddaa kan geessisaa jiru akka ta'ee fi dhukuba irraa hin fayyamne(qoricha kan hin qabne) akka ta'e qayyabachiisaa.

a) Qufaa/Utaalloo

Qufaan akkamitti akka nama qabuu fi mala ittisa isaa irratti akka yaada kennan taasisaa.

Qufaan yeroo baay'ee kan nama qabu sababa foolii xiraa'aa/ajaa'aatiin akka ta'ee itti himaa. Kanaafuu, naannoo qulqullina hin qabne irraa akka fagaatan hubachiisaa. Qufaan qilleensaan waan daddarbuuf, yeroo qufa'an afaan isaani qabachuu fi nama irraa siqun barbaachisaa akka ta'ee hubachiisaa.

b) Garaa kaasaa

Garaa kaasaan dhukkuba akkamii akka ta'ee fi akkamitti nama akka qabu gaafachuun eegalaa. Deebii isaan kennan irraa ka'uun, garaa kaasaan kan nama qabu hanqina qulqullina dhuunfaa, nyaata nyaannuu fi bishaan faalame dhuguu fi qodaa itti nyaannu irraa kan ka'e ta'uu isaa itti himaa. Fakkii kitaaba barataa irra jiru ilaaluun waan hubatan akkahiman taasisaa.

Nyaata nyaachuun dura harka dhiqachuu, erga nyaannee boodas harka dhiqachuu fi meeshaa irratti nyaanne qulqulleessuun barbaachisaa akka ta'e hubachiisaa.

c) Busaa

Fakkii kitaaba barataa irraa dhukkubni busaa maalirraa akka nama qabu gaafachuun jalqabaa. Deebii kenname irratti hundaa'uun, sababni dhukkubni busaana qabu bookeen busaa yeroo nama dhukkubsate idditee booda immoo nama fayyaa yoo idditee dha. Dhukkuba kana ittisuuf, saaphana siree iddoo ciisichaa aguuguu fi bakke wal-hormaata bookee busaa kan ta'e bishaan ciisaa akka yaa'u ykn akka gogu taasisuun ta'uu akka irratti mari'atanii hubatan gargaaraa.

D. Raammoo Maagaa

Dhukkubni raammoo maagaa dhukkuba attamii akka ta'e gonfachuun barumsicha eegalaa. Deebii isaan kennan irratti hundaa'uun dhukkubni maagaa hanqina qulqullina dhuunfaa, nyaata qulqullina hin qabne nyaachuun, bobba bakka argan itti bahuu fi meeshaa qulqullina hin qabnetti nyaachuu fi kkf.

Ta'uu isaanii hubachiisaa.

Nyaata duraa fi booda hara sirriitti dhiqachuu fi meeshaa itti fayyadamne dhiquun bakka qulqullina qabu kaa'uu akka ta'e ibsaafii.

AIDS

Dhukkubni eedsii maal akka ta'e gaafachuun waan beekan akka himan taasisaa. Deebii isaanii irraa ka'uun, AIDSn dhukkuba dawwaa hin qabnee fi kan nama ajjeesu ta'uu isaa itti himuun hubachiisaa.

AIDS' dhukkuba takkaa nama qabnaan irraa fayyuun hin danda'amne. Akkasumas dhukkubni kun miidhaa guddaa kan geessisaa jiruu fi qoricha kan hin qabaneta'uu akka hubatan ibsaafii. Dhukkuba kana of irraa ittisuuf:

- Meeshaalee qara qaban(kan akka lilmoo, shiggiree/haadduufa'a) waliin itti gargaaramuu dhiisuu

Madaallii

- Galma ga'insa barachuu isa xiqqaa hubachuuf gaaffilee kitaaba barataa irra jiru shaakalsiisuu fi gaafii afaanii gaafachuun madaalaa. Barattoota keessan yeroo yerootti hojii isaanii madaalaa galmeeffachaa deemaa. Akkasumas barattoota keessan haala jijjiirama qalbii fidanirratti hundaa'uun kanneen barnoota dabalataa barbaadanii fi kanneen qabaa addaa barbaadaniif ammoo haala barbaachisaa ta'een hordoffii fi hojii isaan gita jettanii yaaddan kennuufiin madaalaa.
- Qufaan/Utaalloon akkamiin akka nama qabuu fi akkamitti ofirraa akka ittiisuun danda'amu gaafachuun madaalaa.
- Dhukkubni bookee busaa akka nama hin qabneef maal maal akka gochuu qabnu barattootni akka himan taasisuun madaalaa.
- Ka'umsi guddoon garaa kaasaa maal akka ta'e barattoonni akka himan jajjabeessuun hubannoo isaanii madaaluun mirkaneeffadhaa.
- Barattoota raammoon maagaa akkamitti akka qabu gaafachuun madaalaa

Deebii Gilgaala 1.4

Soba moo dugaadha?

1. Dhugaa
2. Soba
3. Soba
4. Soba
5. Dhugaa

BOQONNAA LAMA: MAATII

(Wayitii: 48)

Bu'aawwan Barnoota Boqonnichaa

Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda barattootni:

- Maqaa maatii isaanii ni tarreessu.
- Gahee hojii maatii isaanii ni ibsu.
- Qonni madda nyaataa isaanii ta'uusaa ni addeessu.
- Maqaa midhaan naannoo isaaniitti oomishamu ni tarreessu.
- Midhaan naannoo qe'ee isaanii ni kunuunsu.
- Wantoota huccuun irraa tolfamu ni tarreessu.
- Akaakuu huccuu tolfamanii ni agarsiisu.
- Wantoota manneen irraa hojjetaman ni tarreessu.
- Maqaa meeshaalee mana isaanii keessatti ittiin tajaajilaman ni tarreessu.
- Tajaajila meeshaaleen mana isaanii keessaatti isaaniif kennu ni himu.
- Wantoota meeshaaleen manaa irraa tolfamu nitarreessu.
- Of-eeggannoo itti fayyadama meeshaalee manaaf taasifamuu qabu ni himu.
- Ogummaalee qo'annoo saayinsaawaa kanneen akka ilaaluun hubachuu, gaafachuu, waliin mari'achuu, waliin hojjechuu fi ramaduu ni shaakalu.

Qabiyyewwanii fi Wayitii Ramadameef

Qabiyyee	Baay'ina Wayitii
2.1 Miseensoota Maatii.....	11
2.2 Fedhii maatii	17
2.3 Meeshaalee mana keessaa	20
Ida'ama	48

Qabxiwwan Ijoo Boqonnaa Kanaa

Maatiin namoota mana tokko keessa waliin jiraatanii fi walirraa dhalatani dha. Miseensonni maatii ammoo haadha, abbaa, obboleessa, obboleettii, akaakayyuu, akkoo fa'i. Maatiin jiraachuuf hojiilee garaagaraa hojjetu.

Fedhiin maatii isaan gurguddoon uffata, nyaata fi dawoo dha. Uffanni dhala namaa rooba fi aduu irraa ittisuu fi miidhaginaaf yoo gargaaru, nyaanni ammoo qaamni namaa akka guddatuuf, dhukkuba ofirraa ittisuuf gargaara. Dawoon (manni) gosa garaa garaa qabaatuyyuu faayidaan guddaa inni namaaf kennu ammoo rooba, bokkaa, qorraa fi bineensota miidhaa geessisan nama irraa ittisuudha.

Dhalli namaa mana keessatti meeshaalee garaagaraan gargaarama. Meeshaaleen mana keessaa kanneen nyaata bilcheessuuf oolan distii, eelee, huuroo fa'a yoo ta'an kanneen irrattii nyaatan ammoo qorii, masoobii, gabateefa'a. Kanneen ittiin dhuguuf gargaaran ammoo finjaalaa, xaasaa, burcuqqoo fa'i. Meeshaaleen bashannanaa fi sab-quunnamtii mana keessa jiran ammoo televisiinii, raadiyoo, ulullee, bilbila, mobaayilii fa'i.

2.1 Miseensota Maatii (wayitii 11)

Gahumsa Barachuu isa Xiqqaa

Barattootni barnoota mata-duree kana ergabaratani booda

- Maqaa miseensota maatii isaanii ni tarreessu.
- Hojii miseensota maatii isaanii ni himu.
- Miseensota maatii biroo wajjin wal-gargaaruu, waliin jiraachuu fi itti gaafatamummaan fudhachuun jiraachuu ni shaakalu.

Qophii Duraa

- ✓ Fakkiilee kitaaba barataa irratti kaa'aman guddisuun qopheeffadhaa.
- ✓ Kitaaba mata duree yookaan waa'ee maatii irratti barreeffame dubbisuun hubannoo cimsadhaa.
- ✓ Gosoota hojiilee kitaaba barataa fi kitaabilee barnoota kana deeggaran ilaaluun qophaa'a.
- ✓ Hojiilee naannoo keessanitti namoonni hojjetan barreeffachuun qophaa'aa.
- ✓ Chaartii fakkii mana garaagaraa qabu kaasuun yookan kan qophaa'e jiru barbaaduun qopheeffadhaa.

Mala Baruu-Barsiisu

Barattonni maqaa abbaa, haadhaa fi obboleeyyan isaanii akka himan gaafachuun jajjabeessuu jalqabaa. Deebii isaaniitiin wal qabsiisuun, miseensonni maatii ijoon haadhaa, abbaa fi obboleeyyan ta'uu isaanii fakkii kitaaba barataa irra jiruun deggaaramuun ibsaafii. Miseensonni maatii akkoo, akaakayyuu, eessuma, wasiilaa fi kan mana tokko keessa waliin jiraatan akka dabalatu hubachiisaa.

Hubannoo aantee miseensa maatii obboleessa abbaa-eessuma, obboleetii haadhaa-adaadaa, abbaan abbaa/haadhaa-akaakayyuu, haati abbaa/haadhaa-akkoo akka jedhaman ibsaafii. Fakkii kitaaba barataa irra jiru fayyadamuu ni danddeessu. Obboleessi/obboleettiin dura dhalatan angafa, kan angafa booda dhalatan immoo eegoo (quxisuu) akka jedhaman ibsaafii.

Lakkoofsi miseensota maatii tokkoo baay'ee yoo ta'an maatii bal'aa, xiqqaa yoo ta'an immoo maatii xiqqaa jedhamu. Maatii keessatti angafoota kabajuu fi miseensaota maatii biroo wajjin walii galuun barbaachisaa akka ta'e hubachuu qabu. Akkasumas abbaa fi haadhaf kabaja kennuu fi gorsa, isaanii dhaggeeffachuun abboomamanii faara tolaan akka raawwatan yaada kitaaba barataa irratti kan caqasame hubachiisuun jabeessaa.

Miseensonni maatii jiraachuuf maal hojjechuu qabu?

Hojii miseensonni maatii isaanii mana keessattii fi iddoo adda addaatti hojjetan akka himan gochuun eegalaa. Barattootaanis gaheen isaanii maal akka ta'e akka himan gaafachuun deebii isaanii irraa ka'uun haala kitaaba barataa irratti fakkiin ibsameen akka hubatan gargaaraa.

Hojiilee naannoo keenyaatti namoonni hojjetan

Maatiin keessan hojiilee maal maal hojjetu gaaffii jedhu gaafachuun jalqabaa. Deebii isaanii irratti hundaa'uun, dameewwan hojii qonnaa, daldalaa, loltummaa, hojiiwwan ogmmaa(suphee dhahuu, sibiila tumuu, gogaa duuguu fa'i), hojiiwwan pirofeshinaaloota (barsiisummaa, hojjetaa misooma qonnaa, hojjetaa fayyaa, injinara fa'i), hojiiwwan biiroo/waajjiraa, hojii humnaa ta'uu isaanii ibsaafii.

Wantootni bu'uura jireenyaa ta'an **nyaata**, **uffataa** fi **mana** guuttachuu fi gammachuun jiraachuuf hojii hojjechuun barbaachisaa akka ta'e hubachiisaa.

Barattotni gosa hojii muraasaa gochaan fakkeessanii mala diraamaatiin akka agarsiisan jajjabeessaa. Fakkeenyaaf akka barsiisaatti, dooktariitti, loltuutti, daldaalaatti, qonnaan bulaattii fa'a. Barattoonni yeroo guddattan hojii kam hojjechuu akka barbaadan gaafachuun maaliif kana akka filatan yaada isaani akka himan jajjabeessaa.

Madaallii

- Miseensota maatii akka tarreessan gaafachuun madaalaa.
- Garaagarummaa maatii xiqqaa fi maatii bal'aa akka himan gaafachuun madaalaa.
- Barattootni gahee hojii isaanii fi maatii isaanii akka himan gaafachuun madaalaa.
- Barattoonni akaakuuwwan hojii naannoo isaanitti hojjetaman akka himan gochuun madaaluun hubannoo isaanii mirkaneeffadhaa.

Deebii Gilgaala 2.1

Deebii gabaabaa kenni

1. Haadha, abbaa, obboleessa, obboleettii, eessuma, adaadaa, akkoo fa'i
2. Obboleessa yookaan obboleettii dura dhalate/tteedha.
3. Obboleessa yookaan obboleetti booda dhalate/tteedha.
4. Daldala, barsiisumma, injiinara, qonnaa, hojii mukaa, hojii huccuu, fa'i.
5. Akaakayyuu, akkoo

2.2 Fedhii Bu'uuraa Jireenya Maatii (wayitii 17)

Gahumsa Barachuu isa Xiqqaa

Xumura barnoota wayitii kanaatti barattootni:

- Qonni madda nyaataa isaanii ta'uu isaa ni ibsu.
- Maqaa midhaanii fi oomisha midhaanii mana isaanii ni himu.
- Akaakuuwwan uffataa addaan ni baasu.
- Wantoota uffanni irraa hojjetamu ni himu.
- Akaakuu dawoo (manaa) garaagaraa addaan ni baafatu.
- Wantoota manni irraa ijaaramu ni tarreessu.

Qophii Duraa

- ✓ Fedhiin maatii (namaa) akka daangaa hin qabnee fi itti fufaa akka ta'e, fedhii inni tokko yoo guuteef kan biraatti akka darbamuu fifedhiin dhala nama inni bu'uuraa garuu nyaata, uffata fi dawoo ta'uu isaa kitaaba barataa irraa fi barreeffamoota biroo dubbisuun hubannoo keessan cimsadhaa.
- ✓ Chaartii gosoota midhaanii naannoo keessanitti oomishaman agarsiisu qopheeffadhaa.
- ✓ Fakkii gosa uffataa qopheeffadhaa

- ✓ Kitaaba dabalataa waa'ee uffata irratti barreeffama dubbisuun hubannoo keessan cimsadhaa.

Mala Baruu-Barsiisu

Barattoota fedhiin maatii isaanii maal maalfaa akka ta'e akka himan taasisuun jalqabaa. Deebiin isaanii mana ijaaruu, konkolaataa bituu, nyaata fi uffata bituu fa'ata'uu danda'a. Kana yoo jedhanis isin garuu yaadni isaanii gara wantoota bu'uraa ta'aniitti (nyaata, uffata fi mana) ta'uu isaa akka hubatan taasisaa.

Nyaata

Maddoota Nyaataa

Wantoota bu'uraa jireenya namaa akka yaadatan gochuun isaan keessaa tokko nyaata akka ta'e akka hubatan gargaaraa.

Nyaanni maal akka ta'ee fi nyaata mana isaanii keessatti nyaataman barattootni akka himan gaafachuun, nyaanni kunmaal maal irraa akka qophaa'e akka tarreessan gaafachuun irratti mari'achisaa. Chaartii qopheeffattan gosoota midhaanii nyaataman kana barattootni kennanirraa ka'uun chaartiirraa akka walitti agarsiisan taasisaa.

Oomisha Qonnaa

Oomishni qonni maddoota nyaata nuti nyaannu keessaa isa ijoodha. Oomisha qonnaa irraa kan argaman boqqolloo, xaafii, garbuu, qamadii, mishingaa, missira, atara, baaqelaa, dinnicha, raafuu, kaarota, muuzii, fa'a akka ta'an fakkii kitaaba barataa irratti argamu waliin wal-qabsiisuun ibsaafii.

Maddonni nyaataakan biroon ammoo beeyiladoota ta'uu fi isaan irraas fooni, aannanii fi bu'aalee aannanii nyaata beeyiladoota irraa argaman akka ta'an ibsaafii.

Oomisha Midhaanii

Midhaan naannoo isaanitti oomishamu akka himan taasisuun jalqabaa. Itti aansuun yeroo lafti qotamu, midhaan faca’u, haamamuu fi midhaan calleesamu arganii kan beekan yoo ta’ee akka himan gaafadhaa.

Tartiibni oomisha midhaanii: lafa qotuu (sangaan ykn tiraaktariin), sanyii facaasuun, aramuu, hamuu fi calleessuu akka ta’ee fimidhaan calleessuuf sangoota ykn kombaayinariitti gargaaramuun ta’uu akka danda’u ibsaafii.

Barattootni yeroo midhaan facaafamuu fi haamamuu kaaleendara waggaa waliin akka wal bira qabanii hubatan gargaaraa. Naannoo horsiisee bulaattis yeroon midhaan itti facaasanii fi haaman haala qilleensa baramaa naannoo sanaatti akka jiru hubachiisaa.

Uffata

Wantoota Uffanni Irraa Tolfamu

Maalummaa uffataa, faayidaa fi wantoota uffanni irraa tolfamu boqonnaa tokko keessatti bal’inaan waan barataniif asitti akka yaadatan taasisuuf gaaffiwwan adda adda kanakka maalummaa uffataa, faayidaa uffataa fa’agaafadhaa.

Barattootni daree keessa jiran uffatni maaliif akka garagaruu fi maal irraa akka tolfaman dareef akka himan taasisaa. Sana boodafakkii itti agarsiisuun uffanni maal maal irraa akka hojjetamu qayyabachiisaa.

Fakkii kitaaba barataa irratti argaman erga adda baafatanii booda uffanni jirbii, suufii, gogaa horii, naayilenii, haarrii fa’a irraa tolfamuu akka danda’an ibsuun goolabaa.

Akkaakuwwan Uffataa

Uffata barattootni waqtilee gannaa, bonaa fi roobaa uffachuu qaban maalfa'a akka ta'e gareen akka irratti marii'atan taasisaatii yaada isaanii kan kitaaba barataa irra jiru waliin akka walitti fidatan qajeelchaa.

Uffanni haala yeroo irratti hundaa'uun kan ganna, bonaa fi kan yeroo roobaa uffataman akka ta'e ibsaafii. Isaan kanneen yeroo qorraa uffataman kan akka shurraabii, gaabii, foomaa fa'a ta'uu isaa, kanneen yeoo hoo'aa uffataman ammoo tishartii, shamizii, kanateeraa fa'a akka ta'anii fi kanneen yeroo roobaa uffataman ammoo kaabbortaa, boottii, dibaabee faa akka ta'an ibsaafii.

Yeroo baayyee kophee fi saqqiin maaliif wantoota jabaataa irraa akka tolfaman yaada isaanii akka ibsan taasisuun yaada waliigalaa kennaafii.

Mana (Dawoo)

Akaakuu Manaa

Barattootni boqonnaa tokko keessatti maalummaa fi faayidaa manaa waan barataniif, gaaffii gaafachuu fi gochoota adda addaa akka hojjetan gochuunjalqabaa. Akkaakuu manaa fi wantoota manni irraa ijaaramu irratti xiyyeeffadhaa. Chaartii qopheeffattanitti fayyadamuun maalirraa akka ijaaramee fi akaakuu manaa akka adda baafatan taasisaa.

Barattootni akaakuu manaa naannoo isaanitti argaman hamma beekan akka himan taasiisaa. Akaakuun manaa; mana citaa, mana qorqoorroo, mana suphee, mana xuubii, mana dhagaa, fa'a ta'uu isaa ibsaafii.

Wantoota manneen irraa ijaaraman muka, dhoqqee, citaa, dhagaa, bilookeetii, xuubii, qorqorroo fa'a ta'uu isaanii ibsaaffii.

Madaallii

- Barattonni fedhiin bu'uuraa maatii maal fa'a akka ta'an akka tarreessan gaafachuun madaalaa.
- Akkakuwwan oomisha midhaan naannoo isaanii akka himan gaafachuun madaalaa.
- Maddonni nyaataa maal fa'a akka ta'an akka tarreessan gaafachuun madaalaa.
- Midhaan naannoo isaanitti yeroo akkamii akka faca'uu fi yeroo akkamii akka sassaabamu akka waliitti himan garee nama lamaan qindeessuun marii isaanii hordofuun madaaluun hubannoo isaani mirkaneeffadhaa.
- Ga'umsa barachuu isa xiqqaa mirkaneeffachuuf gaaffilee kitaaba barataa irraa akka gilgalaatti, akka hojii dareetti fi haala biraan kennuufiin madaalaa. Kunis haala walitti fufaa ta'ee fi hojii barattootaa yeroo yerootti galmeeffachuuqabdu.

Deebii Gilgaala 2.2

Deebii gabaabaa kenni

1. Qorra, aduu fi rooba nama irraa ittisa. Akkasumas bineensoota adda addaa irraa nama eegaa.
2. Gaabii, kabbortaa, foomaa, shuraabii fa'a
3. Fakkeenya barattonni kennan irratti hunda'aa. Fkn marqaa, maxinoo, foon, budeena fa'a.
4. Garaa-kaasaa, maagaa, ameebaa, qufaa fa'a.
5. Kanneen nyaatamne : Dinnicha, Baaqelaa, Garbuu, Mishingaa, Shonkoora

Kanneen hin nyaatamne: Laaftoo, Dambii

2.3 Meeshaalee Mana Keessaa (Wayitii 20)

Gahumsa Barachuu isa Xiqqaa

Xumura barnoota mata-duree kana booda barattootni:

- Meeshaalee mana keessatti tajaajila garaagaraa kennan ni himu.
- Fakkeenya meeshaalee elektiriikaa ni kennu.
- Meeshaalee nyaata itti bilcheeffatanii fi itti nyaatan tokko tokko ni himu.

- Faayidaalee meeshaalee mana keessaa tokko tokko ni himu.
- Faayidaa meeshaalee nyaanni itti qophaa'uu fi dhiyaatu tokko tokko ni ibsu.
- Balaa meeshaalee mana keessaan dhufan adda ni baafatu.
- Wantoota beekamoo meeshaaleen manaa irraa hojjetamu ni himu.
- Of-eeggannoo meeshaalee manaaf taasifamuu qaban ni himu.

Qophii Duraa

- ✓ Kitaaba barataa fi kitaabilee mataduree kana deggaaran dubbisuunhubannoo keessan cimsadhaa.
- ✓ Fakkii meeshaalee mana keessaa muraasaa tajaajila isaanii waliin qopheessaa
- ✓ Meeshaalee bashannaan fi sab-quunnamtii daree keessatti argamuu danda'anqopheeffadhaa. Raadiyoo, mobaayilii, fi kan kana fakkaatan dareetti fidaa.
- ✓ Meeshaalee ifaa salphaattii dareetti dhufuu danda'an kanneen akka tiriikaa, kurraazii, duungoo fa'a qopheeffadhaa.

Mala Baruu-Barsiisu

Tajaajila Meeshaalee Manaa

Barattonni maqaa meeshaalee mana isaani keessatti argaman maqaa akka dhahan gochuun gabatee boronqii irratti barreessuun eegalaa. Itti aansuun meeshaalee maqaa dhahan kanneen faayidaan isaanii maal maal akka ta'an akka irratti waliin mari'atan haala mijeessaafii.

Faayidaa meeshaaleen manaa kennanirratti hundaa'uun meeshaalee mana keessaa, meeshaalee ittiin bilcheeffatan, itti nyaatanii fi irratti nyaatan, kan ittiin dhugan,

kan ittiin bashannanan, kan ittiin namaan walqunnaman, fa'a jechuun akka ramadan gargaaraa. Fakkii kitaaba barataa irra jiru gargaaramaa.

Hojii kana salphisuuf barattonni dhuunfaan akka hojii manaatti akka hojjetan taasisaa. Meeshaalee manaa haala tajaajila isaanitiin gabateen kaa'aafii.

Gosoota Meeshaalee Manaa

A. Meeshaalee Nyaata Itti Qopheessan

Mana isaanii keessatti ittoo, buddeena, qixxaa fa'a tolchuuf meshaaleen itti fayyadaman maal maal akka ta'an gaafachuun akka yaada kennan taasisaa. Meeshaaleen nyaata nyaannu itti qopheessuuf gargaaraniskan akkka distii, eelee, istoovii, okkotee, xuwwee fa'a ta'uu isaanii akka hubatan gargaaraa.

B. Meeshaalee Ittiin Nyaatanii fi Irratti Nyaatan

Mana isaaniitti nyaanni maal irratti akka nyaatamu fi maaliin nyaata akka nyaatan akka himan gaafachuun eegalaa.

Deebii isaanii irraa ka'uun meeshaaleen irratti nyaatamuu fi ittiin nyaatamu mana mana manatti gargar ta'uu isaaniifi kan irratti nyaatan beekamoon masoobii, saahinaa, qorii, gabatee, waciitii fa'a .Kan ittiin nyaatan immoo fal'aana, fal'aan-qorbii fa'a ta'uu isaanii hubachiisaa.

C. Meeshaalee Dhugaatii Ittiin Dhugan

Mana isaaniitti ykn bakka biraatti namoonni buna, bishaan, cuunfaa, aannan, shaayee fa'a maaliin dhugu?gaaffii jedhu kaasuun akka marii gaggeessan taasisaa. Yaada marii isaanii si'a himan shiinii, burcuqqoo, xaasaa, kubbaayyaa, waancaa, qabee, quluu fa'a of keessatti qabaachuu isaa mirkaneeffadhaa.

D. Meeshaalee Bishaan Ittiin Waraabamu

Naannoo isaaniitti bishaan maal maaliin akka waraabamu gaafachuun eegalaa. Meeshaaleen kun bishaan lagaa fiujummoo (boombaa)fa'a waraabuuf kan fayyadani dha. Kan akka baaldii, hubboo, qabee, jarakiinaa fa'a ta'uu isaanii hubachiisaa.

E. Meeshaalee Taa'umsaa, Barreeffamaa (irratti hojjetan) fi Meeshalee Irra Rafan

Gaaffilee armaan gadii irratti gareen akka mari'atan taasisaa.

- Mana keessanitti taa'umsaaf maal fayyadamtu?
- Mana keessanitti minjaala irratti gargaaramuun barreessituu?
- Wanti irra rafuuf gargaaru jiraa? Maal fa'i?

Deebii gaaffileef isaan kennan irraa ka'uun, meeshaaleen taa'umsaa: barcummaa, teessuma; Meeshaaleen irratti hojjetan: minjaala, deeskii; kan irra rafaan immoo siree ta'uu akka hubatan taasisaa.

F. Meeshaalee Ol-kaayinsaa

Gaaffii maatiin keessan meeshaalee manaa maal maal keessa kaayatu?jedhu gaafachuun eegalaa.

Meeshaaleen olkaayinsaa meeshaalee wantoota keessa kaayachuuf kan akkasheelfii, biiffee, saanduqa fa'a akka ta'an itti himaa

G. Meeshaalee Bashannanaa fi sab- quunnamtii

Guyyaa boqonnaa keessanii mana keessatti meeshaaleen isin bashannansiisan ni jiru? Sagantaa qophii ijolllee ni hordoftuu? Maaliin?gaaffilee jedhaniin eegalaa.

Deebii isaanii irraa ka'uun, raadiyoonii, televiziyoonii, teppii, DVD, fa'a meeshaalee bashannanaa ta'uu hubachiisaa.

Gaaffii haadha, abbaa, obboleeyyan ykn firri keessan biyya biraa yoo deemanii jiraatan maaliin isaan qunnamu?jedhu gaafachuun bilbila jedhanii deebisuu isaanii mirkaneefadhaa.

H. Meeshaalee Elektiriikaa

Meeshaalee mana isaanii keessatti humna elektiriikiin hojjetan gaafachuun eegalaa.Deebii isaanii irratti hundaa'uun meeshaaleen kunniin meeshaalee mana keessatti anniisaa elektiriikii gargaaramuun hojiilee adda addaa nuuf hojjetanta'uu

fakkeenyaistoovii(ittiin waa bilcheessuuf), maashinii uffata miiccu(uffata miiccuuf), maashinii buna daaku, foon daaku, maashinii cuunfaa fa'a ta'uu isaanii qayyabachisaa.

I. Meeshaalee Ifaa

Yeroo dhihu/dukkanaa'u mana keessan keessatti socho'uuf, dalagaa garaagaraa hojjechuuffa'aaf ifa maal maalirraa akka argatan gaafachuun eegalaa.

Meeshaalee dareetti fiddee dhufte bakka barattootni arguu danda'an kaayuun maal maal akka ta'an gaafachuun itti fufaa. Sana booda yeroo isaan ifa kennan itti agarsiisaa. Deebiin isaanii tiriikaa, duungoo, kurraazii, balbii fa'a haammachuu qaba.

Waa'ee faayyidaa meeshaalee mana keessaa gabatee armaan gadiin gabatee gurraacha irratti kaasuun deebii isaa barattoota gaafachuu guutii goolabi.

Lakk.	Nyaata iittiin qopheessan	Ittiin fi irratti nyaatan	Dhugaatii ittiin dhugan	Bishaan ittiin waraabamu	Taa'umsaa
1						
2						
3						
4						

Wantoota Meeshaaleen Manaa Irraa Tolfaman

Deeskiin keessan maal irraa hojjetame? gaaffii jedhuun eegalaa. Sana booddee meeshaaleen manaa (kan mana isaanii keessaa) maal maalirraa akka tolfame akka himan gaafadhaa. Kanas mala mariitiin gaggeessuu dandeessu.

Walumaagalatti meeshaaleen mana keessaa muka, sibiila, pilaastikii, suphee, fa'a irraa tolfamuu akka danda'an ibsaaffii

Balaa Meeshaalee Manaatiin Dhufan

Barattotni balaa meeshaalee manaatiin maatii, namoota mana keessaa, fi olla isaan yookaan isaanirra qaqqabee yoo jiraate akka himan gaafadhaa. Balaan meeshaalee manaatiin mudachuu danda’an maal maaliin akka ta’an gareen mari’atanii yaada isaaniyakka kennan qajeelchaa.

Mariin isaanii kan akka albee fi maqasiin muramuu, bishaan danfaan nafa namaa irratti dhangala’uu, istoovii fi kaawuyyaan gubamuu, elektiriikiin qabamuu fa’a irratti akka xiyyeeffatan haala mijeessaa.

Balaa Meeshaalee Mana Keessaan Dhufuu Irraa Of-Eeggannoo Godhamuu Qabu

Balaa meeshaalee manaatiin dhufan ofirraa ittisuuf meeshaalee manaatti of-eeggannoon itti gargaaramuu akka qaban itti himaa. Of-eeggannoon godhamuu qabus:

- Albee fi maqasiin akka isaan hin murreetti gargaaramuu akka qaban,
- Bishaan danfaa fi waan hoo’aan akka qaama isanii irratti hin dhangaalaane of-eeggannoon qabuun akka irra jiru,
- Shiboo elektiriikaa irraa haalaan fagaachuun akka qaban,
- Istoovii fi kaawuyyaa yeroo fayyadaman of-eeggannoo barbaachisaa ta’een akka itti gargaaramanii fi meeshaalee kan birootti haalaan akka itti gargaaramuu qaban qayyabachiisaa.

Yaadoota kitaaba barataa irratti jiran kan mudannoo isaanii waliin wal-qabsiisuun ibsaafii.

Eeggannoo Meeshaalee Manaaf Taasifamu

Barattootni meeshaalee mana keessaa of- eeggannoon itti fayyadamuuf maal maal akka gochuu qaban dareetti gareen ta'uun marii'atanii akka himan taasisaa. Of- eeggannoo meshaalee manaatiif taasifaman kutaa keessatti akka agarsiisan gochuun yaada isaani qabatamaa akka godhatan gargaaraa.

Meeshaalee mana keessaa erga itti fayyadamne booda qulqulleessuun bakkatti deebisuu akka qabanis hubachiisaa.

Meeshaaleen manaa wantoota isaan irraa hojjetaman irratti hundaa'uun of- eeggannoon qabamuu akka qaban ibsaafii.

Yoo qulqulleessinu meeshaaleen akka burcuqqoo, finjaalaa fa'a amala caccabuu waan qabaniif kufanii akka hin cabnee fi akka qaama keenya hin murre of- eeggachuu akka qaban hubachiisaa.

Madaallii

- Tokko tokkoonmataduree kanaan olitti eeramaniif ga'umsa barachuu isa xiqqaa barattootaa yeroo yeroon gochoota garaa garaa kennuun hordoffii walirraa hin cinne taasisuun madaalaa.

Deebii Gilgaala 2.3

A. Deebii gabaabaa kenni

1. Eelee, distii, hubboo, okkotee, jabanaa, xuwwee, huuroo fa'a.
2. Distii, eelee, okkotee, istoovii fa'a.
3. Barcuma, soofaa, barcuma hirkoo, dalgee fa'a.
4. Gabatee, qorii, masoobii, saayina fa'a.
5. Kurraazii, tiriikaa, duungoo, maashoo, faanosii, ampuulii/balbii fa'a.

B. Dhugaa moo Soba

1. Soba
2. Dhugaa
3. Soba

BOQONNAA SADI

MANA BARNOOTAA KEENYA (Wayitii: 48)

Bu'aawwan Barnoota Boqonnichaa

Adseemsa fi Xumura barnoota boqonnaa kanaatti barattooni:

- Mooraa mana barnootaa isaanii daawwachuun hojiiwwanii fi gochawwan mana barnootichaa ni hubatu
- Seerotaa fi danbiiwwan mana keessaa, mana barnootaa fi olla isaanii ni kabaju.
- Mana jireenya isaanii fi ollaatti, akkasumas, mana barnootaatti walitti dhufeenya gaarii ni uumu
- Balaawwan karaa irratti isaan mudatu tarreessuu fi malleen ittiin ofirraa ittisanis ni ibsu.
- Kiitiiwwanii fi balaanbaleettiiwwan waraqaa irraa ni tolchu
- Ogummaalee qo’annoo saayinsaawaa kanneen akka ilaalanii hubachuu, gaafachuu, walmari’achuu, moodela tochuu fi walgargaaranii hojjechuu ni shaakalu.

Qabiyyee fi wayitii ramadameef

Qabiyyee

Wayitii

3.1 Mooraa Mana Barnootaa Keenya.....	12
3.2 Dambiiwwanii fi Qajeelfamoota Kabajuu.....	12
3.3 Hariiroo Gaarii Waliin Qabaachuu.....	6
3.4 Nageenya Karaa Irraa	12
3.5 Gochawwan Mana Barumsaa Keenya Keessatti Raawwachuu Dandeenyu.....	6
Ida’ama	48

Qabxiiwwan Ijoo Boqonnaa Kanaa

Qabxiiwwan ijoon boqonnaa kana keessatti ibsaman wantoota mana barnootaa keenya keessatti mul’atan, dambiiwwanii fi qajeelfamoota kabajamuu qaban, hariiroo gaarii waliin qabaachuun barbaachisu , nageenya karaa irraa fi gochaawwan mana barumsaa keenya keessatti raawwachuu dandeenyu fa’i,

Wantoonni mooraa mana barnootaakeessatti argaman kanneen akka gamoowwanii, dareewwan barnootaa, biqiloota adda addaa, mana fincaanii, dirree kubbaa kanneen adda addaa fa'a.

Dambiiwwanii fi qajeelfamoonni mana barnootaa, mana jireenyaa fi ollaa wajjiin jiraannu fa'a biratti hojiirra oolu. Dambiiwwan kunniinis seera mana barumsaa kabajuu, abbaa, haadha, hangafa, maanguddoota fi keessummaa kabajuu dha.

Barattoonni hariiroo gaarii kan waliin qabaatan mana barumsaa, mana jireenyaa fi olla isaaniitti fa'a.

Nageenya karaa irraa ilaalchisee sababota balaawwan karaa irratti nama mudatanii fi maloota ittiin ofirraa ittisan ibsamaniru.

Gochaawwan mana barumsaa keenya keessatti raawwachuu dandeenyu wantoota naannoo keenyatti argaman irraa kan hojjechuu dandeenyuu dha. Fakkeenyaaf, moodeeloota kiitii fi balaanballeettii waraqaa irraa tolchuun akkaataa hubannoo barnootaa itti cimsan fa'a.

3.1 Mooraa Mana Barnootaa keenya (Wayitii: 12)

Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Xumura barnoota kanaatti barattoonni:

- Wantoota mooraa mana barnootaa keessatti argaman ni himu.
- Gochawwan mana barnootaa keessatti raawwatamuu qaban addaan baafatu.

- Eenyu waliin; maal taphachuu akka qabaniif fi akkaataa hiriya itti horatan ni ibsu.

Qophii Duraa

- ✓ Fakkii mooraa mana barnootaa agarsiisu qopheeffadhaa.

Mala Baruu-Barsiisuu

Barnooticha eegaluuf mata-duree “Mana barnootaa keenya “jedhu erga gabatee boronqii irratti barreessitanii booda fakkiiwwan adda addaa kaasuun barataatti agarsiisaa. Fakkiin wixinee mooraa mana barnootaa erga ibsameen booda wantoota mooraa keessatti argaman barattootaaf ifa taasisaa.

Manni barnootaa bakka beekumsa itti argatan ta’uu isaa ibsuun jalqabaa. Kana booda wantoonni mooraa mana barumsa keessan keessatti argamanis dareewwan barnootaa, gamoowwan adda addaa ta’uu isaanii akka hubatan gargaaraa. Kana malees, biqiltoota fi mukkeen adda addaa of keessatti qabata. Dabalataanis mooraa mana barnootaa keessa baay’ina dareewwanii gamoowwan adda addaa keessa jiranii hubachuun fakkiiwwan isaanii barattoonni akka kaasan taasisaa.

Mooraa mana barnootaa keessatti wantoota argaman keessaa inni tokko mana fincaanii ta’uu isaa fi manni fincaanii haala safuu hawaasaa eeggateen kan barattoota dhiiraa fi dubaraatiif addaa addaatti bahee ijaaramee tajaajila kennu ta’uu isaa hubachiisaa. Akkasumas , akkaataa itti fayyadamiinsa mana fincaanii qulqullina isaa eeguun ta’uu akka qabu hubachiisaa .

Itti fayyadamiinsa mana fincaanii booda harka isaanii haala gaariin dhiqachuu akka qaban itti himaa. Kunis dhibeewwan raammoolee kan akka maagaa fa’a ofirraa ittisuuf nama gargaara.

Gochaawwan Mana Barnootaa Keessatti Raawwatamuu Qaban

Gochaawwan mana barnootaa keessatti raawwataman barattooni akka himan gaafadhaa. Deebii isaanii irraa ka'uun:

- Sirna alaabaa kabajuu (sa'aatii alaabaan itti fannifamuu fi bu'u, akkasumas, faaruu biyyaa fi naannoo faarsuu).
- Qulqullina daree fi mooraa mana barumsaa eeguu
- Sa'aatii kabajanii daree galuu fi bahuu
- Biqiltoota dhaabuu fi kunuunsuu
- Hiriyoota isaanii waliin sirnaan taphachuu
- Seera mana barumsaa kabajuun barbaachisaa akka ta'e hubachiisaa

Madaallii

Gahumsa isa xiqqaa mata duree kana irratti hundaa'uun:

- wixinee wantoota mooraa mana barnootaa keessa jiranii akka himan gaafachuun madaaluu
- Gochawwan mana barnootaa keessatti raawwatamuu qaban akka ibsan gochuun madaaluu
- Ijoolleen mana barnootaa isaanii keessatti hiriyoota isaaniin waliigalanii taphachuu danda'uu isaanii hordofuun madaalaa mirkaneeffadhaa.

Deebii Gilgaala 3.1

Deebii sirrii ta'e kenni

1.

- Mana fincaanii
- Gamoowwan
- Biiroo bulchiinsaa
- Dirree kubbaa adda addaa
- Daree barnootaa

2. - Mana fincaanii kan dhiiraa
- Mana fincaanii kan dubaraa

3. - Mooraa mana barumsaa qulqulleessuu

➤ -Mana fincaanii qulqulleessuu

➤ -Daree barnootaa qulqulleessuu

➤ -Gataawwan barbaachisaa hintaane awwaaluu.

4. Biqiltuu –dhaabuu

- -Bishaan obaasuu
- -Aramuu
- -Shooggoruu
- -Cabsuu irraa ofqusachuu fa'a.

➤ **3.2 Dambiiwwanii fi Qajeelfamoota Kabajuu** (Wayitii: 12)

➤ **Gahumsa Barachuu isa Xiqqaa**

➤ Xumura barnoota mata-duree kanaatti barattoonni:

- Maatii isaanii ni kabaju
- Hangafootaa fi manguddoota ni kabaju
- Namoota olla isaanii ni kabaju
- Dambiiwwanii fi qajeelfamoota mana barnootaa isaanii himu fi kabajuu
- Ajaja mana barnootaa isaanii fudhachuun ni raawwatu.

➤ **Qophii Duraa**

- ✓ Dambiiwwanii fi qajeelfamoota mana jireenyaa,ollaa fi mana barumsaa, kabajamu qaban tarreessuun qopheeffadhaa.

➤

➤

➤

➤

➤ **Mala Baruu- Barsiisuu**

- Dambiiwwan mana isaanii keessatti itti fayyadamaa jiran barattoonni hiriyoota isaaniitti akka himan gaafachuun eegalaa. Itti aansuun,

barattoonni mana isaaniitti akka seera safuu hawaasaatti abbaa, haadha,akkasumas, obboleeyyii, manguddoota,hangafaa fi keessummaa akka kabajuu qaban itti himaa.

- Barattoonni seeraa fi safuu hawaasaa kanneen akka maatiif ajajamuu fi kabajuu, manguddoota, angafotaa fi ollaa kabajuu gahee taphachuun akka agarsiisan taasisaa. Dabalataanins, ganama mana barnootaa deemuuf qophaa'uu akka qabanii fi galgala yoo galan hojii manaa akka hojjetan itti himaa.Kana malees, yeroo barbaachisaa ta'etti ijoollee ollaa waliin naamusaantaphachuu akka qabanii fihanga humna isaanitti maatii gargaaruu akka qaban hubachiisaa.

➤ **Dambiiwwan Mana Barumsaa**

- Dambiiwwan mana barumsaa kan akka qulqullina daree fi mooraa eeguu, yeroo barnootaa kabajuu, qabeenya mana barumsaa kunuunsuu, hojiiwwan mana barumsaa yeroodhaan raawwachuu, barsiisota kabajuu, naamusa mana barnootaa eeguu ta'uu fa'a hubachiisaa.

➤ **Madaallii**

- Dambiiwwanii fi qajeelfamoota mana barumsaatti,manattii fi ollaatti kabajuu qaban gaafachuun dandeettii fi gahumsa barattootaa madaalaa.

➤ **Deebii Gilgaala 3.2**

➤ **Deebii sirrii ta'e kenni**

1. Harka dhiqachuu. Ciree nyaachuu.
 - Rifeensa miidhakfachuu. Ilkaan rigachuu.
 - Fuula dhiqachuu. Mana barumsaa deemu fa'a
2. Qayyabachuu.
 - Hojii warra gargaaruu fa'a.
3. Eeyyee,jaalalaan waliin taphanna

➤ **3.3 Hariiroo Gaarii Waliin Qabaachuu (Wayitii:**

6)

➤ **Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

➤ Xumura barnoota mata-duree kanaatti barattoonni:

- Mana barumsaatti hariiroo waliinii gaarii ni agarsiisu.
- Mana jireenyaa, akkasumas ,ollaatti hariiroo gaarii waliinii ni agarsiisu .

➤ **Qophii Duraa**

- ✓ Mana jireenyaa, ollaatti fi mana barnootaatti gochaawwan hariiroo gaarii barattootaa fi hawaasa jidduutti uumuu danda’an irratti yaadannoowwan gargaaran qopheeffadhaa.

➤ **Mala Baruu-Barsiisuu**

- Barattoonniwaa’eehariiroogaariiwaan beekan akka himan gaafachuun deebii isaanii irraa ka’uunnagaa walgaafachuu,naamusa gaarii qabaachuu, waliigaluu,waltumsuu,iftoomina,dhugaa dubbachuu,waljaalachuu,waldanda’uu, wal kabajuu fi yaada walii fudhachuun gahee taphachuun daree keessatti dhiheessuun akka irratti mari’atan haala mijeessaa.

➤ **Madaallii**

- Barattoonni hariiroo waliinii gaarii eessatti hojjiirraakka oolchanakka himan gaafachuun madaalaa.

-
-
-
-
-
-
-

-
-
-

➤ **Deebii Gilgaala 3.3**

➤ Deebii sirrii ta'e kenni

1. Waliin hojjechuu.
 - Waliin nyaachuu
 - Waliin jiraachuu

- Nagaa walgaafachuu.
- Waliin taphachuu fa'a.

2. Walii galuu
 - Waltumsuu
 - Iftoominaan dhugaa dubbachuu
 - Wal- jaalachuu
 - Wal- danda'uu
 - Wal- kabajuu fi
 - Yaada walii fudhachuu fa'a
 -

➤ **3.4 Nageenya Karaa Irraa (wayitii: 12)**

➤ **Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

- Xumura barnoota mata-duree kanaa booda barattoonni:

- Sababoota balaawwan karaa irratti nama mudatan muraasa ni ibsu.
- Akkaataa balaawwan karaa irratti nama mudatan irraa of eeguun danda'amu ni himu.
- Ofeeggannoon karaa qaxxaamuruu namoota biroo gargaaruu hojiin agarsiisuu ni shaakalu.



➤ **Qophii Duraa**

- ✓ Sababoota balaawwan beekamoo karaa irratti nama mudantan irratti yaadannoo qabadhaa.
- ✓ Fakkii kitaaba barataa irra jiru warqaa guddaa irratti kaasuun qopheeffachuun akkaataa balaawwan karaa irratti nama mudatan irraa of eeguun itti danda'amu agarsiisu qopheeffadhaa.

➤ **Mala Baruu-Barsiisuu**

➤ Balaawwan karaa irratti nama mudachuu danda’an maal fa’a akka ta’an barattoonni waan beekan akka himan gaafachuun eegalaa. Deebii isaanii irratti hundaa’uun balaawwan karaa irratti mudachuu danda’an kan kitaaba barataa irratti ibsaman akka gareen irratti mari’atanii hubatan gargaaraa. Itti aansuun barattoonni maloota balaa karaa irratti isaan mudatan ofirraa itti ittisan irratti akka mari’atan taasisaa. Kanaan booda, maloota isaan balaawwan kanneen ofirraa itti ittisan kanneen armaan gadii qayyabachiisaa.

- Yeroo karaa irra deemamu dammaqinaan of eeggannoon deemuu,
- Yommuu karaa qaxxaamuran yaadaan dhiphachuu fi shakkuu dhiisuu,
- Yeroo riqicha irra ce’an, yeroo tabba bahanii fi irra gadee bu’an
 - of eeggannoon socho’uu,
- Karaa irrattii fi qarqara karaa irratti taphachuu dhiisuu,
- Seera tiraafikii hubachuu: fakkeenyaaf, mallattoolee namoonni karaa itti qaxxaamuran “ Mallattoo zeebraa” fi ibsaa tiraafikii sirriitti hubachuu,
- Barattoonni karaa ofii gara mana barumsa itti deemanii fi muuxannoo isaanii walhubachiisuun barbaachisaadha. Yeroo mana barumsaa deemanii fi gara mana isaaniitti deebi’an qarqara daandii bitaa isaanii hordofuun deemuu qabu. Kunis seera tiraafikii hordofuu keessatti qajeelfama ijoo akka ta’e hubachiisaa.

➤

➤

➤ **Madaallii**

- Balaawwan beekamoo karaa irratti nama mudatan akka himan barattoota gaafachuun dandeettii fi gahumsa isaanii madaalaa.
- Maloota beekamoo balaawwan kanneen ofirraa ittiinittisan akkatarreessan gaafachuun madaaluun hubannoo isaanii mirkaneeffadhaa.

➤

➤ **Deebii Gilgaala 3.4 Deebii sirrii ta’e kenni**

1.

- Bitaa fi mirga osoo hin ilaaliin karaa qaxxaamuruu.
- Muuxannoo konkolaataa ofuu qabaachuu malee oofuu.
- Bineeldota gadhiisuun karaa irra deemaniin.

- Lolaa bishaanii akka tasaa uumamu fa'a.
- 2.
 - Daandii irra yoo deemnu karaa harka bitaa keenyaa socho'uu qabna.
 - Mallattoo Zeebraa irra karaa qaxxaamuru
- Gaaffiilee 3 – 5 jiran barattoonni haala isaan mudateen deebii haa kennan.

➤ **3.5 Gochaawwan Mana Barumsaa Keenya Keessatti**

➤ **Raawwachuu Dandeenyu (Wayitii: 6)**



➤ **Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

- Xumura barnoota mata-duree kanaatti barattoonni:
- Moodeloota kiitii fi balaanballeettii bubbbeen naanna'u waraqaa irraa ni tolchu.
- Tartiiba hojii moodeloota kiitii fi balaanballeettii nitarreessu.



➤ **Qophii Duraa**

- ✓ Moodeloota kiitii fi balaanballeettii qopheeffadhaa.

➤ **Mala Baruu- Barsiisuu**

- Tartiiba moodeloonni kiitii fi balaanballeettii ittiin hojjetamu kan kitaaba barataa irratti kenname hordofuun barattoota shaakalsiisaa.

➤ **Madaallii**

- Moodeloota kiitii fi balaanballeettii barattoonni hojjetan hordofuun madaalaa.

➤ **Deebii Gilgaala 3.5**

- Dhugaa moo soba

➤ **Dhugaa/ Soba**

1. Dhugaa

2. Soba
3. Dhugaa
4. Dhugaa



➤ **BOQONNAA AFUR**

➤ **GANDA KEENYAA** (wayitii: 57)

➤ **Bu'aawwan Barnoota Boqonnichaa**

- Adeemsaa fi xumura barnoota boqonnaa kanaatti barattoonni:
- Argama birqabaa mana jireenyaa, mana barumsaa fi ganda isaanii ni beeku.
- Amalootaa fi faayidaa qilleensaa, bishaanii fi biyyee niibsuu.
- Bocoota sasalphoo biyyee (dhoqqee) irraa tolchuu ni danda'au.
- Gosa biqiltuu mukkeenii fi biqiloota xixiqqoo addaan baasanii ramaduu ni danda'u.
- Faayidaa biqilootaa fi karaa ittiin kunuunsan niibsuu.
- Bineeldota; bineensotaa fi beeyiladootatti ramaduu, faayidaa isaanii fi haala ittiin kunuunsaman ni ibsu.
- Gosoota hojii kan dhuunfaa fi kan mootummaa jechuun ni ramadu, faayidaa hojii himuu, kabaja hojiif qabanis sadarkaa isaaniitti agarsiisuu ni danda'u.

- Faayidaa geejjibaa ni himu, fakkeenya geejjiba aadaa fi ammayyaa kennuu ni danda’u.
- Ogummaawwan qo’annoo saayinsaawaa boqonnaa kana waliin deeman kan akka ilaalanii hubachuu, gaafachuu,waliin jiraachuu,walgargaaranii hojjechuu, gosaa fi akaakuun ramaduu ni shaakalu.

➤ **Qabiyyee fi wayitii ramadameef**

➤ Qabiyyee	Wayitii
➤ 4.1 Argama Ganda Keenyaa	
.....5	
➤ 4.2 Wantoota Lubbu -maleeyyii Naannoo Keenyaa	
.....13	
➤ 4.3 Lubb -qabeeyyii Naannoo Keenyaa	
.....13	
➤ 4.4 Dalagaawwan Beekamoo Naannoo Keenyatti Dalagaman.....	
.....13	
➤ 4.5 Haala Geejjibaa Naannoo Keenyaa	
.....13	
➤ Ida’ama	57

➤ **Qabxiwwan Ijoo Boqonnaa kanaa**

- Qabxiwwan ijoon boqonnaa kana keessatti ibsaman waa’ee argama ganda keenyaa, wantoota lubu- maleeyyii naannoo keenyaa, lubb- qabeeyyii naannoo keenyaa, dalagaawwan beekamoo naannoo keenyatti dalagamanii fi haala geejjibaa naannoo keenyaa fa’a.
- Argama ganda keenyaa ilaalchisee akkaataa kallattii wanti/bakki tokko bakka biroo irraa itti argamu ibsuu dha.Kunis gara mirgaa, bitaa, fuulduraa fi duuba jedhamuun ibsama.

- Wantooni lubu- maleeyyiin naannoo keenyaa ta’an kanneen akka qilleensa, bishaanii fi biyyee fa’a. Jiraachuu qilleensaa akkaataa itti mirkaneeffatan ibsamaniiru. Maddoonni bishaanii bokkaa[rooba], haroo, burqaa fi ujummoo fa’a. Kana malees, faayidaawwan qilleensaa, bishaanii fi biyyee bal’inaan ibsamaniiru.
- Lubbu- qabeeyyiin naannoo keenyaa biqilootaa fi bineeldota of keessatti qabata. Biqiloonni bakka sadiitti ramadamu. Isaaniis: mukkeen gurguddoo, mukkeen xixiqqoo fi marga. Bineeldoonni; beeyiladoota fi bineensota jecdhamuun bakka gurguddoo lammatti ramadamu.
- Dalagaawwan naannoo keenyatti dalagaman bakka sadiitti ramadamu.
- Isaaniis: hojii dhuunfaa, hojii nama birootiif qaxaramanii hojjetanii fi hojii mootummaa fa’a. Haala geejjibaa naannoo keenyaa bakka lamatti ramaduu ni dandeenya. Isaaniis; geejjiba aadaa fi geejjiba ammayyaa jedhamu.

➤ **4.1 Argama Ganda Keenyaa (Wayitii: 5)**

➤ **Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

- Xumura barnoota mata-duree kanaatti barattoonni:
 - Kallattiiwwan mirgaa, bitaa, fuulduraa fi duubaa addaan ni baafatu.
 - Wanti tokko wanta biroo irraa gara mirgaa, bitaa, fuulduraa fi duubatti argamuu isaa ni himu.

➤ **Qophii Duraa**

- ✓ Jechoota kallattiiwwan mirga, bitaa, fuulduraa fi duuba agarsiisuu danda’an irratti yaadannoo qabachuun of qopheessa.

➤ **Mala Baruu-Barsiisuu**

- Kallattii afran (mirga, bitaa, fuulduraa fi duuba) jechuun barataan tokko barataa biroo irraa garamitti akka argamu shaakalsiisuun barnoota eegalaa. Barattoonni haala argama wantoota adda addaa mooraa mana barnootaa akka daawwataniif fi wanti tokko wanta biroo sana irraa garamitti akka

argamu gaafachuun deebii kennuun akka shaakalan gargaaraa. Fakkeenyaaf, utubaan alaabaa mana barumsaa daree barnootaa kutaa lffaa irraa garamitti akka argamu gaafadhaa.

- Argama bir-qabaa mana jireenyaa, mana barnootaa fi ganda isaanii haala gaaffileekitaaba barataa/ttuu irratti kennameen barattoonni deebii akka kennan taasiaa. Dabalataanis, kallattiiwwan bitaa, mirga, fuulduraa fi duuba akka adda baafatan karaa itti agarsiisaa. Kallattiiwwan birqabaa mirga, bitaa, fuulduraa fi duuba bifa taphaatiin shaakalaatiin akka agarsiisan taasisaa.
- **Madaallii.**
- Qabiyyee armaan olii erga barataniin booda argama bir-qabaa bakki tokko bakka biroo irraa qabu akka himan gaafachuun madaalaa.

Deebii Gilgaala 4.1

- **Deebii gabaabaa kenni**
 1. Gara mirgaatti.
 2. Gara duubaatti.
 3. Mirgaa, bitaa, fuuldura, duubatti ta'uu danda'a.
 4. Mirgaa, bitaa, fuuldura, duubatti ta'uu danda'a.



➤ 4.2 Wantoota Lubbu Maleeyyii Naannoo

Keenyaa (Wayitii: 13)

- **Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa** Xumuraa barnoota mata-duree kanaatti barattoonni:
 - Wantoota lubbu- maleeyyii naannoo keenyaa isaanbeekamooni himu.
 - Qilleensi jiraachuu isaa niagarsiisu.
 - Maddoota bishaanii ni tarreessu
 - Barbaachisummaa bishanii ni himu
 - Faayidaawwan biyyeen kennu ni himu

➤ Qophii Duraa

- ✓ Meeshaa akka ujummoo bishaan keessa kaa'uun itti afuufan qopheeffadhaa.

- ✓ Ulee qal'oo waraqaan itti hidhamuun jiraachuu qilleensaa mirkaneessuuf gargaaru qopheeffadhaa
- ✓ Fakkii maddoota bishaanii agarsiisu qopheeffadhaa..

➤ **Mala Baruu- Barsiisuu**

➤ **Qilleensa**

- Gaaffiilee kitaaba barataa/ ttuu irratti gaafataman bu'uura godhachuun faayidaawwan qilleensaa, bishaanii fi biyyee ilaalchisee barattoonni deebii akka kennan taasisaa.
- Qilleensi wanta lubbu - maleeyyii yoo ta'u, jireenya lubbu - qabeeyyiif murteessaa ta'uu isaa fi aannoo keenya keessatti qilleensi jiraachuufi jiraachuu dhabamuun isaa gochoota armaan gadiin akka mirkaneeffatan gargaaraa.
- Qilleensi bishaan keessatti afuufamuun wanta bahu agarsiisaa.
- Waraqa ulee irratti hidhuun, ulicha akka arguu danda'anitti itti ol qabuun qilleensi waraqicha dhiibuun akka waraqichi jallatu taasisuu isaa agarsiisaa. Dabalataanis, kan kitaaba barataa irratti ibsame akka hubatan taasisaa.

➤ **Bishaan**

- Barattoonni gaaffiilee kitaaba barataa irratti ka'an akka deebisan gaafachuun eegalaa. Kana booda, deebii barattoonni kennan irraa ka'uun maddoonni bishaanii bokkaa(rooba),burqaa,haroo,laga, akkasumas,bishaanujummoota'uuisaahubachiisaa.
- Itti aansuunis, bishaan faayidaa adda addaa lubbu – qabeeyyiif akka kennu akka armaan gadiitti ibsaafii.Faayidaalee bishaan namaaf kennu kanneen armaan gadiiti. Isaanis:
 - 1.Dhugaatiif5. Geejjibaaf
 - 2. Nyaata qopheessuuf
 - 3. Uffata miiccuuf
 - 6. Qurxummii horsiisuu fi
 - 7. Bashannanaaf fa'i.

➤ 4. Qaama dhiqachuuf

➤ **Biyyee**

- Faayidaa biyyeen qabu irratti barattoonni mari'atanii waan beekan akka himan taasisuun eegalaa. Kana booda, biyyeen guddina biqilootaaf, ijaarsa manaa fi meeshaa mana keessaa irraa tolchuuf akka fayyadu tartiiba tartiibaan akka hubatan gargaaraa.

➤ **Madaallii**

- Sadarkaa dandeettii fi gahumsa barattootaa madaaluuf gaaffiilee armaan gadii gaafadhaa.
 - Qilleensi jiraachuu isaa akkamitti akka mirkaneeffatan gaafachuun
 - madaalaa
 - Faayidaan bishaanii maal fa'a akka ta'an akka tarreessan gaafachuun
 - madaalaa
 - Biyyeen tajaajila akkamii fa'a akka kennu akka himan gochuun
 - madaaluun hubannoo isaanii mirkaneeffadhaa



➤ **Deebii Gilgala 4.2**

➤ **Deebii sirrii ta'e kenni**

1. Wanta bifa ujummoo qabuun bishaanitti yoo gadi afuufan bishaan sochoosuun, waraqaa uleetti hidhuun yoo qilleensi waraqaa sochoosu, mukkeen yoo asii fi achi raasu ijaan ni mul'ata.
2. Eeyyee arge /Lakkii hinargine
3. Bubbee/Qilleensa
4. Hargansuuf, Jireenya lubbu- qabeeyyiif gargaara.
5. Bokkaa, Laga, Haroo, Ujummoo, Burqaa.
6. Dhugaatiif,
 - Nyaata ittiin qopheeffachuuf.

- Qaama qulqulleeffachuuf.

- Uffata ittiin qulqulleeffachuuf.

- Geejjibaaf

- Bashannanaa fi k.k.f
- 7. - Guddina biqilootaaf
- - Meeshaalee boca adda addaa qaban irraa tolchuuf faayidaa kenna .

➤ **4.3 Lubbu-Qabeeyyii Naannoo Keenyaa**

➤ **(Wayitii: 13)**

➤ **Gahumsa Barachuu Isaa Xiqqaa**

- Xumura barnoota mata-duree kanaatti barattoonni:
- Biqiloota mukkeen gurguddoo, mukkeen xixiqqoo fi marga jechuunni ramadu.
- Faayidaa biqiltootaani ibsu.
- Akkaataa biqiltoonni itti kunuunfaman ni himu.
- Bineeldota, beeyiladootaa fi bineensotatti ni ramadu.
- Faayidaa bineeldotaa ni ibsu.
- Kunuunsa bineeldotaaf godhamuu qabu ni ibsu.

➤ **Qophii Duraa**

- ✓ Biqiloota naannoo mana barnootaatti argaman maqaa isaanii yaadannoo barreeffadhaa.
- ✓ Fakkii beeyilatoota fi bineensota naannootti argaman, qopheeffadhaa.

➤ **Mala Baruu- Barsiisuu**

➤ **Biqiltoota**

- Biqiltoonni Lubbu- qabeeyyii naannoo keenyaa ibsuun jalqabaa.Kana taasisuuf barattoota mooraa mana barnootaa fi naannoo mana barnootaa daawwachiisaa. Biqiltoota ilaalchisee barattoonni kan beekan maqaa waamuun fakkeenya akka kennan taasisaa. Maqaa biqiltoota naannootti argamanii kan hafan itti himuun hubannoo isaanii cimsaa.

➤ **Ramaddii Biqiltootaa**

- Barattoonni waan ilaalan irratti hundaa’anii garaagarummaa guddinaa fi dheerina biqiltootaa irratti akka yaada kennan taasisaa. Itti fufuun guddinaa

fi dheerina isaanii irratti hundaa’uudhaan biqiltoonni bakka sadiitti akka ramadaman ibsaafii. Isaanis: Mukkeen gurguddoo, mukkeen xixiqqoo fi marga ta’uu isaanii hubachiisaa.Itti aansuun faayidaan biqiltootaa maal fa’a akka ta’an barattoonni waan beekan akka himan taasisaa. Deebii isaanii irraa ka’uun faayidaa biqiltootaa haala armaan gadiin hubachiisaa. Isaanis:

- -Nyaataaf -Meeshaalee mana keessaa iraa hojjechuuf
- - Uffataaf -Dawoo bineensotaaf
- - Miidhaginaaf -Muka qoraanii argachuuf
- - Dallaa fi mana jireenyaa ijaaruuf -Qorichummaaf
-
-
- Barattoonni naannoo isaaniitti biqiltoonni akkamitti akka kunuunfaman waan beekan akka himan taasisaa. Deebii isaan kennan irratti hundaa’uun maloota ittiin biqiltoota kunuunsan haala armaan gadiin ibsaafii. Isaanis: -
 - Bishaan obaasuu
 - Aramuu
 - Xaa’oo itti naquu fi
 - Balaa bineeldotaan irra gahu ittisuu fa’i

➤ **Bineeldota**

- Barattoonni maqaa bineeldota adda addaa naannoo isaaniitti argaman warra isaanii gaafatanii dareetti akka himanii fi akkamitti akka ramadaman akka irratti mari’atan taasisaa.Kana booda bineeldonni lubbu- qabeeyyiiwwan naannoo keenyatti argaman keessaa isaan tokko ta’uu ibsaafii.Itti aansuun bineeldonni beeyiladootaa fi bineensota jedhamuun bakka lamatti akka ramadaman ibsaafii.

➤ **Beeyiladoota**

- Barattoonni maqaa beeyiladoota namatti madaqanii jiraatan kan beekan akka tarreessanii fi faayidaa isaanii himanii fi akkamitti akka kunuunfaman gaafadhaa, .Itti aansuun deebii isaanii irraa ka’uun beeyiladoonni kanneen akka sa’a, hoolaa, re’ee,farda,gaangee,harree,gaala,saree, adurree fa’ata’u

isaanii itti himaa. Dabalataanis, faayidaaleen isaanii kanneen akka madda nyaataa, gogaan uffataaf, geejjibaaf, qonnaaf, eegumsaaf ta'uu isaa hubachiisaa.

➤ Kunuunsa beeyiladootaatiif malleen barbaachisoo ta'an kanneen armaan gadii hubachiisaa. Isaanis:

- Sooruu
- Bishaan obaasuu
- Mana itti ijaaruu
- Miidhaa irraan geessisuu dhiisuu fa'a.

➤ **Bineensota**

➤ Barattoonni bineensota naannoo isaanii muraasa warra isaanii gaafachuun daree keessatti hiriyoota isaanii waliin akka irratti mari'atan gochuun eegalaa. Deebii isaanii irraa ka'uun bineeldoonni namatti osoo hin madaqin jiraatan ta'uu isaanii itti himaa. Bineensonni beekamoon tokko tokkos kanneen akka weennii, jaldeessa, bosonuu, gadamsa, waraabessa, sardiida, leenca fa'a ta'uu isaanii akka hubatan gargaaraa. Kana booda, bineensonni faayidaa kanneen akka;

- Nyaataaf
- Uffataaf
- Meeshaalee irraa hojjechuuf ta'uu isaanii hubachiisaa. Dabalataanis, naannoo bineensonni bosonaa jiraatan eeguun bineensota kuunuunsuun akka barbaachisu ibsaafii.

➤ **Madaallii**

- Barattoonni waa'ee lubbu – qabeeyyii naannoo isaanii akka ibsan gochuun madaalaa.
- Ramaddii biqiltootaa akka himan taasisuun madaalaa
- Bineeldoonni bakka meeqatti akka ramadamanii fi fakkeenya kennuun akka ibsan hordoffii gochuun madaaluun hubannoo isaanii mirkaneeffadhaa.

➤ **Deebii Gilgaala 4.3**

➤ **Deebii sirrii ta'e kenni**

1. Qoqqoodamni biqiltootaa kanneen armaan gadii ta'a.

➤ -Mukkeen Gurguddoo

➤ -Mukkeen Xixiqqoo

➤ -Marga

➤

➤

➤

2. Faayidaan biqiltootaa kanneen armaan gadii ti.

➤ -Uffataaf

➤ -Ijaarsaaf

➤ -Meeshaalee adda addaa irraa hojjechuuf

➤

-Boba'aaf (Qoraaniif)

➤ -Dawoo bineensotaaf

➤ -Miidhaghinaaf

➤ -Qorichummaaf (Dawaaf)

3. Bineeldonna bakka lamatti ramadamu. Isaanis:

➤ -Beeyiladoota fi

➤ -Bineensota

4. Beeyiladootaaf wantoonni fakkeenya ta'an;

➤ Qotiyyoo

Farda

➤ Hoolaa

Gaangee

➤

Re'ee

Lukkuu fi

➤ Gaala

Harree fi kkf

➤ Adurree

5. Bineensota naannoo keessaa fakkeenya muraasa

➤ Sardiida

Kuruphee

➤ Waraabessa

Hilleensa fi

➤ Leenca

Qocaa fa'i

➤ 6. Faayidaan beeyiladootaa kanneen armaan gadiiti.

➤ Nyaataaf.

➤ Uffataaf.

➤ Meeshaalee tajaajilaa kanneen adda addaa irraa tolchuuf

➤ Balfaan isaanii boba'aaf

➤ Dikeen balfaa irraa argamu akka xaa'ootti tajaajila



➤ **4.4 Dalagaawwan Beekamoo Naannoo Keenyatti Dalagaman (Wayitii: 13)**

➤ **Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

- Xumura barnoota mata- duree kanaatti barattoonni:
- Barbaachisummaa hojii ni ibsu.
- Ramaddii akkaakuu hojii dhuunfaa, hojii nama birootiif hojjetanii fi hojii mootummaaf hojjetan jedhanii niramadu.
- Hojii isaaniitiin boonuu agarsiisuun hojiiwwan sasalphoo manaa hojjechuu ni shaakalu.

➤ **Qophii Duraa**

- ✓ Waa'ee “Dalagaawwan beekamoo naannoo keenyaa” jedhu irratti akaakuu hojiiwwan adda addaa irratti yaadannoo qopheeffadhaa.
- ✓ Akaakuuwwan hojii adda addaatiif fakkeenya ta’an qindeeffadhaa.

➤ **Mala Baruu-Barsiisuu**

- Barattoonni akaakuuwwan hojii naannoo isaaniitti hojjetaman kan beekan tarreessanii gareen akka irratti mari’atan haala mijeessaa. Kunis hojiiwwan naannoo isaaniitti hojjetaman irratti hubannoo akka argatan gargaara. Itti aansuunis barbaachisummaa hojii haala armaan gadiitiin ibsaafii. Dhalli namaa sochii jireenya isaa fooyyeessuuf godhuu keessatti hojiin gahee guddaa qaba. Hojiin bu’uura jireenya dhala namaati .Wantoota fedhii bu’uuraa kanneen akka nyaataa, uffataa fi mana jireenyaa guuttachuuf hojiin murteessaadha. Hojiiwwan gosa adda addaa jiraachuun isaaniis kan armaan gadii kaasuun ibsaafii. Isaaniis:

- 1. Hojii dhuunfaa
- 2. Hojii qacaramanii nama birootiif hojjetan .
- 3. Hojii Mootumma fa’a.

➤ Kana booda, hojiin akaakuu kamiyyuu kabajamuun akka qabu hubachiisaa.

➤ **Madaallii**

▪ Dandeettii fi gahumsa barattoota addaan baafachuuf hojii daree, hojii manaa fi gaaffiilee adda addaa gaafachuun madaalaa.

➤ -Gosoota hojii adda addaa akka tarreessan gaafachuun madaalaa.

➤ -Faayidaawwan hojii akka ibsan gochuun madaaluun hubannoo isaanii

➤ mirkaneeffadhaa.

➤ **Deebii Gilgaala 4.4**

➤ **Deebii gabaabaa kenni**

1. Ramaddiin hojii kanneen armaan gadii ta'a. Isaanis:

➤ -Hojii dhuunfaa.

➤ -Hojii nama biroof qacaramanii hojjetan.

➤ -Hojii mootummaa fa'a.

2. Fedhiin bu'uuraa sadan faayidaa hojii irraa guuttannu:

➤ Nyaata, Uffatafi Mana jireenyaa fa'a.

➤ **4.5 Haala Geejjiba Naannoo Keenyaa**

➤ **(Wayitii: 13)**

➤ **Gahumsa Barachuu Isaa Xiqqaa**

➤ Xumura barnoota mata duree kanaatti barattoonni:

➤ Barbaachisummaa geejjibaa ni ibsu.

➤ Gosoota geejjibaa isaan gurguddaa kan aadaa fi ammayyaa jechuun ni ramadu.

➤ Geejjiba aadaaf fakkeenya ni kennu .

➤ Geejjiba ammayyaatiif fakkeenya ni kennu.

➤

➤

➤

➤ **Qophii Duraa**

- ✓ Fakkiiwwan geejjiba aadaa fi ammayyaa kanneen adda addaa qopheeffadhaa.

➤ **Mala Baruu- Barsiisuu**

- Barattoonni akaakuu geejjibaa beekan akka tarreessan gaafachuun akka irratti mari'atan haala mijeessaa. Yaada marii isaanii irratti hundaa'uun geejjibni kan aadaa fi kan ammayyaa jedhamuun bakka lamatti kan qoodamu ta'uu isaa tokko tokkoon kaasuufiin ibsa armaan gadii kennuufiin guduunfaa.
- 1. Geejjiba aadaa: Farda, Gaangee, Gaala, fi Harree fa'a.
- 2. Geejjiba Ammayyaa:
 - -Konkolaataa -Xiyyaara
 - -Baabura -Doonii fa'a

➤ **Madaallii**

- Dandeettii fi gahumsa barattootaa addaan baafachuuf gosoota geejjibaa akka himan gaafachuunmadaaluun hubannoo isaanii mirkaneeffadhaa.

➤ **Deebii Gilgaala 4.5 Deebii sirrii ta'e kenni**

- 1. Ramaddiin geejjibaa isaan gurguddoon;
 - 1. Geejjiba Aadaa
 - 2. Geejjiba Ammayyaa
- 2. Geejjibni aadaa kanneen armaan gadii ofkeessatti qabata.

Isaaniis:

- Farda Gaala
- Gaangee Harree

- 3. Geejjibni ammayyaa kanneen armaan gadii of keessatti hammata.

➤ Isaaniis:

- Konkolaataa Xiyyaara
- Baabura Doonii

- 4. Faayidaan geejjibaa;

➤ Namaa fi meeshaalee bakka tokkoo irraa gara birootti geessuu dha.